# BARIISAA




Bara - 47 Lak. 12 Bariisaa Ebla 19, Bara 2016 Sanbataa April 27, 2024) Qar. 10.00









# Biiroon Daldalaa Oromiyaa qaala'iinsa gatii ittisuuf qophii taasise

- Beeyladoota kuma 500 ol gabaaf dhiyeessuuf hojjetamaa jira

**Gammachuu Kadiriin**

**Finfinnee:** Ayyaana Faasikaa baranaa sababeeffachuun qaala'iinsi gatii omishaalee qonnaafi industirii akka hinmudanneef qophii barbaachisaa taasisuu Biiroon Daldala Oromiyaa ibse.

Biirichatti Daarektarri Gabaa Obbo Galatee Caalaa ibsa kaleessa Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, qaala'iinsi gatii omishaalee qonnaafi industirii akka hinuumamneef biirichi qophii dursaa taasiseera. Hojiin gabaa sanbataa 282 naannicha keessatti hundeeffaman babal'isuu cimee ittifufa

Akka ibsasaaniitti, gabaa ayyaanaa kanatti qaala'iinsi gatii akka hinmudanneef

Gara fuula 14tti



## Gaaga'ama ongee Booranaa barsiifata haaraaf ka'umsa ta'e

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Mooyyalee**: Ummatni Booranaa horsiisee bulaa ta'uusaan hojii qonnaa akka falaasama jireenyaatti hangana hinhordofu. Sanyiin loon Booranaa biyyarra darbee hanga gaanfa Afrikaattuu beekamtii addaa qabu. Lafti Booranaa irra jireessaan gammoojjii ta'uu bira darbee waan lageen hinqabneef hanqinni roobaa uumamnaan rakkoon mudatu hamaadha.

Ongeen bara darbe mudate waggoota 50 keessatti isa hamaa ta'uusaatiin godinichatti godaannisa seenaan

Gara fuula 14tti

*Suurri Gabaaboo Gabreetiin*



*Doktar Tolaa Bariisoo*

## Oromiyaatti jijjiiramaa as barnoota cimsuuf qarshii biliyoona 106 ol baasii ta'eera

- Barattoota miliyoona 5.7f nyaanni dhiyaachaa jira

**Gammachuu Kadiriin**

**Finfinnee:** Bara jijjiiramaa 2010 as hojii baruufi barsiisuu naannichaa cimsuuf gumaacha hirmaannaa ummataafi mootummaan taasifameen qarshii biliyoonni 106 ol ta'u baasii ta'uu Biiroon Barnootaa Oromiyaa beeksise. Barattoota miliyoona

Gara fuula 14tti

# Misoomni koriidarii Finfinnee dhaloota egeree ilaalcha keessa kan galcheedha

- Qarshiin biliyoonni 2.8 ragga'eera

**Taammiruu Raggaasaatiin**

**Finfinnee:** Misoomni koriidarii Finfinneetti hojjetamaa jiru dhaloota dhufu ilaalcha keessa kan galcheefi magaalattii fakkeenya badhaadhinaa gochuuf ijaaramaa kan jiru ta'uu Kantiibaan Adaanach Abeebee dubbatan. Manni marichaa qarshii biliyoona 2.8 raggaasiseera.

Kantiibaan Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanach Abeebee gabaasa raawwii misooma koriidarii guyyoota 45 mana maree magaalattii kaleessa yaa'iisaa idilee 3ffaa bara hojii waggaa 3ffaa adeemsifateef dhiheessaniiru.

Haaluma kanaan misoomni koriidariifi deebisanii misoomsuu dhaloota dhufu yaada keessa galchuun hojjetaman qulqullinaafi si'aayinaan hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Gara fuula 14tti



# ODUU



## Abjuu qoqqooddotaa tokkummaan maseensuu

Kutaa Qophiitiin

Waltajjiin ummataa mootummaa jijjiiramaa deeggaru bakka Ministirri Muummee Doktar Abiyyi Ahmad argamanitti Dilbata darbe Naannoo Itoophiyaa Jiddugaleessaa, Magaalaa Walqixxeetti gaggeeffameera.

Waltajjii Doktar Abiyyi dabalatee hoggantoonni federaalaa, naannoleefi godinaa akkasumas jiraattonni magaalichaa irratti argaman kanarratti ergaawwan addaddaa jijjiiramicha deeggaran darbaniiru.

Ministirri Muummee Abiyyis ergaa, "Itoophiyaa maxxantummaa dinagdee jalaa baasuun fakkeenya bilisummaa, tokkummaafi badhaadhinaa Afrikaa nitaasifna" jedhu dabarsaniiru.

Guraageen hawaasa waadaasaa Goot jedhamuun waa'ee tokkummaafi waloomaa cimsee kan barsiiseefi qabatamaan ittiin jiraateedha jechuunis ibsaniiru.

Diinota Itoophiyaa addaan qooduufi walitti buusuuf guyyaa guyyaan dhama'an hundaaf Itoophiyaanonni humna tokkummaa barachuun biyya badhaate ijoolleessaaf dabarsuun akka hojjetu ergaa dabarsaniiru.

Itoophiyaanonni guutuun nageenya cimsanii barbaadu, waloomaan jiraachuun Itoophiyaa badhaateefi hundaaf mijattu arguuf akka hojjetamus waamicha dhiheessaniiru.

Itoophiyaanonni ibsituu eenyummaa hedduu akka qabnu fudhachuun, garaagarummaan aadaa, afaanii, teessuma naannawaa Itoophiyaa kan bittimsu ta'uu akka hinqabnes ibsaniiru.

Ummanni Guraagee enyummaa addaddaa ofkeessaa qabaatus Guraagummaan tokko ta'ee jiraachuun fakkeenyaafi mallattoo tokkummaa Itoophiyaa ta'ee jiraachuusaa dubbataniiru.

Itoophiyaan yeroo addaddaa bilisummaasheef kan qabsoofteefi kan hinbitamne taatus maxxantummaa dinagdeerraa bahuun bilisummaashee guutuu taasisuuf hojjechuun akka barbaachisu hubachiisaniiru.

Itoophiyaan yaalii weerartootaa yeroowwan addaddaatti kan qolatteefi biyya gita hinbitamne ta'uushees kaasanii, ta'us bilisummaa dinagdee osoo hinmirkaneessiin turuushee yaadachiisaniiru.

Ummanni Guraagee bu'aan daldalarratti agarsiisan Itoophiyaa maxxantummaa dinagdeerraa baasuuf fakkeenya ta'uu eeranii, Itoophiyaanonni hundi misoomaafi badhaadhinaaf dhaabachuu akka qaban ergaa dabarsaniiru.

Kanaaf kadhaaraa bahuuf, qusannaa gabbisuuf, daldala babal'isuuf tokkummaan tumsuun



murteessaa ta'uu eeraniiru.

Yaalii cimaadhaan Itoophiyaa badhaadhinatti olbaasuun fakkeenya bilisummaafi badhaadhinaa Afrikaa taasisuuf cimnee hojjechuu filanneerra kan jedhan Ministirri Muummee Abiyyi, Itoophiyaanonni hundis miira ittigaafatamummaatiin biyya kanaaf akka ka'an waamicha dabarsaniiru.

Tattaafataan ummata Guraagee ejjennoo Itoophiyaan tokkummaashee eegdee nibadhaati jedhu qabatee mootummaa cinaa dhaabachuu akka qabu dhaamaniiru.


Itoophiyaan kan badhaatu yaalii cimaan ta'uus ibsanii, abjuu humnoota biyya qoqqooduufi walitti buusuuf yaalanii fashaleessuufi maseensuuf tokkummaa cimsuun murteessaadha jedhaniiru.



*Doktar Yoonaas Addaayee*



*Shimallis Hayiluu*



*Jaal Araarsoo Biqilaa*

## Waamichi komishinichi dhiyeesse marii aadaa taasisuuf shoora olaanaa qaba

Rippoortara Gaazexichaatiin

**Finfinnee:** Waamichi komishinii marii biyyaalessaa murnoota karaa seeraan alaa hidhatanii socho'aniif dhiyeesse marii aadaa taasisuuf shoora olaanaa qaba jechuun Komishiniin Marii biyyaalessaa ibse.

Komishinarri ittaanaan komishinichaa Doktar Yoonaas Addaayee ibsa Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, waamichi komishinichi humnoota hidhataniif dhiyeesse waliigaltee biyyaalessaa cimsuun marii aadaa taasisa. Bu'uuruma kanaan komishinichi marii hundagaleessaafi amanamummaa qabu gaggeessuun rakkoolee bu'uuraa biyyaattii ta'an furmaata akka argataniif humnoonni hidhatan gara mariitti akka dhufaniif irra deddeebi'ee waamicha dhiyeessaa jira. Gara fuulduraattis wamicha dhiyeessuu ittifufa.

Akka ibsasaaniitti, waamicha hanga ammaatti dhiyaateen yaada qabaachuusaanii darbee darbee mallattoo mul'atuun ala deebii qabatamaan murnoota kanneenirraa dhufe hinjiru. Ta'us mootummaan mariif qophii ta'uu ibsa kennamurraa komishinichi nihubata.

Qaamoleen waldhaban walitti dhufanii akka mar'ataniif waamichi komishinichaa akka qaqqabuuf hayyoota, abbootii Gadaa, abbootii amantaa, waldaalee siivikii fayyadamuun hojii bal'aan hojjetamaa jira. Kun gara fuulduraattis ittifufa jedhaniiru.

Hayyudureen Adda Bilisummaa Oromoo (ABO) Jaal Araarsoo Biqilaa gamasaaniin akka jedhanitti, waamichi komishinii marii biyyaalessaatiin qaamolee hidhataniif dhiyaate ummata nagaa dheeboteef nagaa buusuun dhalootaaf furmaata ta'a. Haala qabatamaa biyyaafi addunyaarratti ilaalluun nagaan

*Gara fuula 4tti*

## Sagantaa Inisheetivii Itoophiyaan haa omishtuutiin Oromiyaatti bu'aalee guguddoon galmaa'aa jiru

Natsaannat Taaddasaatiin

**Adaamaa**: Sagantaan sosochii Industirii Manifaakchariingii mata duree 'Itoophiyaan haa omishtu nutis haa binnu' jedhuun Kibxata darbe Adaamaa, Galma Abbaa Gadaatti adeemsifameera.

Waltajjicharratti hoggantoonni sektaroota invastimantiifi industirii mootummaa naannoo Oromiyaafi federaalaa akkasumas qooda fudhattoonni gara garaa argamaniiru.

Hogganaan Biiroo Invastimantiifi Industirii Oromiyaa Obbo Ahmad Idiris saganticharratti akka jedhanitti, industiriin manifaakchariingii galii sharafa alaa argamsiisuun, omishaalee biyya alaatii galan kan biyya keessaatiin bakka buusuun akkasumas kalaqaafi teknolojii babal'isuufi carraa hojii uumuun guddina dinagdee biyyaa si'eessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Sagantaan sosochii Industirii Manifaakchariingii mataduree "Itoophiyaan haa omishtu nutis haa binnu" jedhuun adeemsifamaa jirus rakkoolee damicha mudatan furuun omishaafi omishtummaa guddisuu furuurratti kan xiyyeeffatu ta'uu himaniiru.

Naannoon Oromiyaa albuudawwan industirii manifaakchariingii ijaarsaaf oolan kanneen akka simintoo, sibiilaafi maarbilii akkasumas lafa bal'aa industiriin manifaakchariingii itti omishamu qabdi kan jedhan Obbo Ahmad, barana industiriin manifaakchariingii naannichaarraa galii sharafa alaa doolaara miliyoona 183 argamsiisuus eeraniiru.

Erga sagantichi jalqabamee Oromiyaatti inidustiriiwwan kuma tokkoofi 500 qabatamaan hojiitti galuu himanii, rakkoolee damicha mudatan furuuf sektaroota garagaraa waliin hojjechaa jiraachuus himaniiru.

Mootummaan rakkoolee faayinaansiifi bu'uraalee misoomaatiin walqabatanii industirii manifaakchariingii mudatan furuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuu himanii, abbootiin qabeenyaas rakkoolee gama isaaniin mul'atan furuurratti xiyyeeffatanii hojjechuu akka qaban yaadachiisaniiru.

Ministir De'eetaan Ministeera Industirii Obbo Taarraqany Bulultaa akka jedhanitti, imala guddina dinagdee biyyaatti milkeessuuf sektaroota mootummaan irratti xiyyeeffatee hojjechaa jiru keessaa tokko industirii manifaakchariingiiti. Omishaalee biyya alaatii galan kan biyya keessaatiin bakka buusuun, omishni industirii guddina dinagdee biyyaa keessatti qabu akka bahatu gochuuf omishaafi omishtummaa industirii biyyattii guddisuurratti xiyyeeffatamee hojjetamaa jiraachuus eeraniiru.

Gahee omishni industirii guddina dinagdee biyyaa keessatti qabu %7 ta'uu himanii, kanaafuu industirii babal'isuufi omishaafi omishtummaasaa dabaluun ammayyuu hojii xiyyeeffannaa guddaa barbaaduudha. Industiriin omishaa galii sharafa alaa argamsiisuufi carraa hojii bal'aa uumuu keessattis gahee olaanaa kan qabu ta'uus eeraniiru.

Humni omishtummaa biyyattii %50 kan hincaalle ta'uu himanii, omishtummaa industirii biyyattii guddisuuf rakkoolee damicha mudatan furuuf bara 2014 irraa eegalee inisheetiviin

*Gara fuula 11tti*

# Ijoo Dubbii

## Dhaloota kanaaf ajandaan waggaa 50 nagaa waaraa ta'uu qaba

Itoophiyaan seenaa mootummaa bara dheeraa keessatti garaagarummaa siyaasaa, waldhabdeefi walitti bu'iinsota karaa nagaa, mariifi waldhaggeeffachuun hiikuurratti muuxannoo hinqabdu.

Akka carraa ta'ee siyaasnishee siyaasa yeroo hunda zeeroorraa jalqabuudha. Biyyanatti kan barame kan humnaan mo'atee aangoo qabate, hamma humnaan mo'amee aangoorraa bu'utti barsiifata siyaasaa hunda walittiqabee to'atuufi kan barbaade itti raawwatudha.

Mootummaan jijjiiramaa aangoo kan qabate humnaan miti. Kun aadaa siyaasaa haaraadha. Aadaan siyaasaa karaa nagaa boqonnaa siyaasaa haaraa kana cimsu ammoo filannoo dimokraatawaan fudhatama ummataa argatee mootummaa hundeessuun agarsiiseera.

Kana malees hoggantootaafi miseensota paartiilee siyaasaa adda addaa hoggansa mootummaa gochuun ramaduu, Itoophiyaan mana waloo keenyaa ta'uushee ragaa ba'eera. Cehumsi siyaasaa karaa nagaa qofti manii miti; meeshaa maniiwwan kaan milkeessuuf gargaaruudha malee.

Adeemsa yeroo ammaa sirreessuun qofa rakkoon Itoophiyaa hinfuramu. Cabiinsota seenaa keessatti dhaalle suphuun dirqama. Cabiinsota seenaa kanneen suphuuf furmaatonni sadii kaa'amaniiru. Rakkoo siyaasaa ture marii biyyaalessaan hiikuu, rakkoo siyaasaa bara dhihoo ammoo haqa cehumsaafi haaromsaan sirreessuu.

Haala qabatamaa Itoophiyaatiin mootummaan tokko filannoo injifatee aangoo qabatus dhimmoonni kophaa murtee kennuu hindandeenye, marii biyyaalessaafi hunda hammate barbaadan nijiru.

Sagaleen kun erga dhaga'amee walakkaa jaarraa lakkoofsiseera. Garuu hanga yeroo dhiyootti yeroo mootummaan jijjiiramaa dhufetti dhageettii hinarganne. Mootummaan jijjiiramaa yaada kana fudhachuu qofa osoo hinta'iin dhaabbata walabaa kana mijeessu hundeesseera; komishinii marii biyyaalessaa.

Komishinichi torban muraasa booda waltajjii marii sadarkaa naannootti gaggeessuu ni eegala jedhamee eegama. Akkasumas, naannolee lama filannaan hirmaattotaa keessatti hinraawwatamnetti yeroo dhiyootti filannichi nixumurama. Mariin hawwiidhaan eegamaa jirus nigaggeeffama.

Carraa dhaloota keessatti al tokko argamtu kana osoo hinqisaasessiin olkaasaa, deeggaraa, rakkoolee Itoophiyaan bubbulaniif furmaata akka fiduuf hundi keenya gahee keenya bahuu qabna. Sababa hinmalleen carraa kana qisaasessinee rakkoo keessa of tursiisuun dhaabbachuu qaba.

Seenaa Itoophiyaa keessatti yeroowwan adda addaatti miidhaa, hookkaraafi sarbamiinsi mirga bu'uuraa mudachaa tureera. Kun taatee seenaa biyyoota biroo keessattis mul'atuudha. Akkaataa adeemsa keenya amma ammaatti qaamni humnaan mo'atee aangoo qabate, yakkamaafi balleessaa jedhee namoota biroo balaaleffata; ni adaba.

Adeemsi kun haqa hinfidu. Xiiqii, gabbiifi haaloo bahuu fida malee. Maraanmartoon quuqqaafi haaloo bahuu seenessa miidhamummaa wiirtuu siyaasaa kan ta'e kanaafi. Maraanmartoo kana cabsuuf haqni cehumsaa isa filatamaafi murteessaa waan ta'eef kanas milkeessuuf xiyyeeffannaan hojjetamuu qaba.

Faallaa kanaatiin bakka mootummaan milkaa'ina haalota abdachiisoo kanneeniif xiyyeeffannaan hojjetaa jirutti gariin mootummaa kuffisnee humnaafi qawween aangoo yoo hinqabanne jechaa jiru. Kun yoo abjuu ta'e malee waan tasumaa milkaa'u akka hintaane sirriitti hubatamuu qaba. Aadaa jaarraa 18ffaa gara jaarraa 22ffaatti baatanii deemuun abaarsa malee jijjiirama akka hintaanes beekamuu qaba.

Waraanni hunda kasaarsa. Nagaan hundaaf bu'aa argamsiisa. Waa'ee waraanaa abbootii keenyarraa dhaga'aa guddanne. Kun nuuf gahaadha. Dhaloota keenya keessattillee waraanonni ciccimoon lama sadii darbaniiru. Garuu dhaloonni dhufu badhaadhina malee madaa dhaaluu hinqabu.

Warraaqsa bara 1966 eega waggoota 50f haala siyaasa ammayyaa Itoophiyaa arginee walakkaa jaarraa lakkoofsiseera. Kanneen maraanmartoon gadi isaan hinlakkisne garuu ammallee achuma jiru.

Kanaaf kan darberraa barachuun haalaafi yeroo hubachuun mul'ataafi ajandaa mataa keenyaa qabannee gara fuulduraatti tarkaanfachuu qabna; dhaloota kanaaf ajandaan waggaa 50 nagaa waaraafi badhaadhina waan ta'eef.


## Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.
Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,
Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

**Gulaalaan**
**Charinnat Hundeessaa**
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08
chhundessa@yahoo.com
email-cherenethundessa@press.et
Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

**Qopheessitootni:**
*Saamraawit Girmaa*
*Natsaannat Taaddasaa*
*Bayyanaa Ibraahim*
*Waasihuun Takilee*

**Adeemsisaa Hojii**
*Bil. 011-126-42-22*

**Kutaa Beeksisaa:**
*Bil. 011-156-98-73*

**Raabsa Gaazexaa**
*Bil.011-157-02-70*

**Faaksii Kutaa Qophii**
*251-011-1-5698-62*
*L.S.P 30089*
*email-bariisaa@press.et*
*Ethiopian Press Agency*


# Yaada

## Nageenyi badhaadha

Oromiyaan qabeenya uumamaafi namtolchee hunda keenya gahuun kan badhaateedha.

Laftiifi qilleensi keenya hawwataafi mijataadha; waa lama qofa barbaada: walhubannoofi yaada galteewwan qabnu madaqsee qabeenya ('wealth') uumu maddisiisuufi hojiitti hiikuu.

Qabeenya kennaa Uumaa qabeenya dabalataa uumuuf nugargaaru keessaa inni guddaan dargaggeessa keenya. Gaachana birmadummaa biyyaa guyyaa aggaammiin biyyarratti taasifamu dursa hiriiru, gaafa duulaas nagaafi misooma ummataaf humnasaa hinqusanneefi hindhiboofneedha.

Dargaggoonni anniisaa murteessaa duudhaa gootummaa dhalootaa dhaalanii gootummaa biyyaalessummaa misoomaafi birmadummaa biyyaatiin dabaaluuf imaanaa fudhataniidha.

Sonni guddummaafi seenaan birmadummaa dargaggoonni kaleessarraa dhaalan akka biyya ijaaru, dabaafi aadaan siyaasaa badaafi boodatti hafaan kaleessarraa as dhufe ammoo hirmaannaa siyaas-dinagdeefi hawaasummaa dargaggootaarratti ashaaraa hi'intaa kahaniiru.

Kuufamni daba ilaalcha aadaa siyaasaa badaafi boodatti hafaa kuufamee har'a gahe saaxilamummaa dargaggoota har'aatiif gumaacheera.

Rakkoon nageenyaa naannoo keenyatti uumame kun gama tokkoon bu'aa dhiibbaa aadaa siyaasaa badaafi boodatti hafaa tahuun kan haalamu miti.

Har'a boqonnaa kuufama dhibee siyaasaa kaleessaarraa as dhufeen qoramnee baranne kanatti, ofis, walis gaafannee, mari'annee, qalbeeffannee gaaffiin deebisuu qabnu tokko nudura jira.

Innis, "Maraanmartoo aadaa siyaasaa badaafi boodatti hafaa kana keessaa bahuuf yeroo dabalataa nu barbaachisaa?" kan jedhuudha. Maraanmartoo gaabbii seenaa, gaaga'ama har'aafi ba'aa egeree malee sona kamuu hin idaane cabsuuf yeroo dabalataa nutti fudhachuu hinqabu.

Akkuma beekamu, mootummaan jijjiiramaa keenya aadaa siyaasaa badaa lafa qabatee ture kana buqqisuun sirna siyaasaa ammayya'aafi nagaqabeessaan bakka buusuuf of eeggannoofi obsa olaanaadhaan hojjachaa tureera; hojjechaa jiras; aarsaa guddaas ittikaffalaa jira.

Qaamolee hidhatanii waraana, jeequmsa, baqattummaa, saamichaafi mancaatii qabeenyaa, akkasumas ajjeechaa lammiilee keessatti osoo hinhafin qooda qabaniif waamicha nagaa walirraa hincinne taasisaa tureera; taasisaas jira.

Gama kanaan dargaggoonni yeroo adda addaatti waamicha nagaa mootummaa fudhachuun galan lakkoofsaan baay'eedha. Akkuma yaadatamu, kanaan dura shira qaamolee alaafi keessaa nageenyiifi tasgabbiin ummata keenyaa isaan yaaddessuun xaxamaa turerraa kan ka'e, fudhatamni waamicha nagaas ta'e, nageenyaafi tasgabbii naannoo keenyaa mirkaneessuun yeroo dheeraa akka fudhatu taasiseera.

Haata'u malee, yeroo ammaa kana hidhattoonni kumaatamaan lakkaa'aman waamicha nagaa mootummaa fudhachuun galaa jiraachuun isaanii, shira diinota keenyaatti dammaqaa dhufuu dargaggoota keenyaa kan agarsiisuudha.

Mootummaanis akka duudhaa keenyaatti dhiifamaafi gammachuu guddaan isaan simachaa jira. Warri hafanis, shirri diinota keenyaa kan ittifufu ta'uu hubatanii, waamicha nagaa kana fudhatanii, wareegama hinmalle kaffaluu jalaa akka of baasaniif waamicha irra deebii dhiyeessuun fedha.

Garaagarummaan siyaasaa kaleessas tureera; har'as nijira; borus nijiraata. Garuu, boqonnaa qabsoo garaagarummaan siyaasaa akka afaan qawweetiin furamuutti ittiyaadamu cufuun dirqama hundaa ta'uu qaba.

Walwaraanuu, walgufachiisuufi waldadhabsiisuun diinota keenya onnachiisa malee ummata keenya maalumaanuu hinhumneessu.

Boqonnaan garaagarummaa ilaalcha siyaasaa sibiilaan furuuf jecha dhaloota egeree sabichaa ta'e qisaasessuun dhaabachuu qaba. Maatiif gaaddidduu walii ta'uufi mararfannaa walii qabaachuutu aadaadha.

Mootummaan komii, gaaffiileefi dhimma jiruufi jireenya hidhattoota hiriira shiraa diiguun karaa nagaa galaa jiranii irratti xiyyeeffannoon hojjechaa jira.

Sagantaalee garagaraa jiruufi jireenyasaanii deebisanii akka gadi dhaabbatan qofa osoo hintaane, qaama misoomaa taasisuun, tarkaanfii ummanni, naannoofi biyyi keenya gara fuulduraatti taasisaa jiran keessatti shoora murteessaa akka qabaatan isaan dandeessisan qopheessuun hojiirra oolchuun eegalameera.

Dhumarratti, milkaa'ina hanga ammaatti argameef, tumsi qaamolee hawaasaa garaagaraa hedduu murteessaa ta'uu yaadachiisaa, carraaqqii taasistaniifi taasisaa jirtaniif kabaja olaanaa akkan isiniif qabu ibsuun barbaada. Gara fuula duraattis, hirmaannaafi deeggarsi keessan akka nurraa adda hinbaane imaanaa sinitti kennuun barbaada.

Akkasumas, hidhattoota garaagarummaa jiru sibiilaan furuuf ifaajaniif, karri mootummaa marii nagaatiif banaa ta'uu irra deebiin mirkaneessaa, gadi teenyee mari'achuun imala dargaggeeyyiifi ummata keenyaa gara nagaa, tokkummaafi badhaadhinaatti akka taasisnu imaanaa jechuun barbaada.

*Mariin Deebana!*

*Nageenyi Badhaadha!*

*Shimallis Abdiisaa pirezidaantii BMNO*

# ODUU



*Obbo Cammaraa Shibbiruu*

## Shaggaritti rakkoolee bulchiinsa gaarii 612f furmaatni kenname

**Gammachuu Kadiriin**

**Shaggar**: Magaalaa Shaggaritti rakkoo bulchiinsa gaarii kenna tajaajilaan walqabatan 1094 adda ba'an keessaa 612n furmaata argachuu Waajjirri Pablik Sarvisii Magaalaa Shaggar ibse

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Cammaraa Shibbiruu ibsa tibbana Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, waajjirichi rakkoo kenna tajaajilaa fooyyessuuf rakkoolee kenna tajaajilaatiin walqabatan 612f furmaata kenneera. Humna raawwachiisummaa cimsuu, dandeettii humna namaa hojiirra oolchuufi humna namaa ga'oomsuun sektarootaaf raabsuun kallattii xiyyeeffannoo sadan waajjirichaati.

Waajjirichi humna namaa sadarkaa magaalaatti %31, kutaa magaalaatti %27, aanaaleetti %11n hojiiwwaan rakkoo kenna tajaajilaa fooyyessan hojjechaa jira. Maddeen rakkoo kenna tajaajilaa ta'an qorannoon adda baasuun hojii bal'aan hojjetameera.

Hojii hojjetameenis qorannoon rakkoolee kenna tajaajila adda baasuu kutaa magaalaa saddeetiifi aanaalee 15tti gaggeeffameera. Xiyyeeffannaan hoggansaafi hojjettootaa sadarkaan jiru laafuu, istaandardii kenna tajaajilaan raawwachuu dhabuu, tajaajilamaan aadaa kaleessaa keessaa ba'uu dhabuun maddeen rakkoo kenna tajaajilaa ta'an akka fakkeenyaatti kaasaniiru.

Rakkooleen kunneen sektaroota magaalichaa 16 keessatti mul'achuu himanii; rakkoolee kanneen maqsuufis sirni ittigaafatamummaa akka jiraatuuf sektarootni 16n waliin waliigalteen mallatteeffamuu himaniiru. Humni raawwachiisa ('task force') kenna tajaajilaa sadarkaa sadarkaan hundaa'ee hojii bal'aan hojjetamuus ibsaniiru.

Rakkoolee mul'atan hundeerraa furuuf hojiin sirna dijitaalaayizeeshinii xiyyeeffannaan hojjetamaa jira jedhanii; hanga ammaatti giddugala tajaajila dijiitaalawaa ('e-service') hojjetameen kenna tajaajilaa 95 sektaroota 13 keessatti kennuun akka danda'amu adda ba'eera jedhan.

Tajaajjilli giddugalichatti kennamu toora intarneetiin waan ta'eef abbaan dhimmaa bakka jiru taa'ee tajaajila barbaade argachuu akka danda'u himanii; yoo argachuu baates toora bilbilaa 9980 irratti bilbiluun furmaata akka argatu ta'eera. Haaluma walfakkaatuun, to'annoon hojjetootaa dijitaalawaa taasisuuf maashinii to'annoo hojjetaa 169 kutaa magaalaa keessatti hojii eegaleera.

Hoggonsaa waajjiratti argamee guyyaa inni abbaan dhimmaa keessummeessuu haaluma walfakkaatuun hordoffiin geggeeffamaa jira. Hanga ammaatti hordoffii taasifameen waajjirri saamsame akka jirus ibsaniiru.

Rakkoon kenna tajaajilaa hanqina ga'umsaa ragaa sobaan kan walqabatu ta'uu himanii; ragaa sobaa maqsuu ragaan barnootaa hojjettootaa magaalichaa dhaabbilee barnoota olaanaa waliin ta'uun qulqullaa'aa jiraachuu hubachiisaniiru.

## "Shaneen waan ummata biratti fudhatama dhabeefi socho'uufillee rakkateef harka kennataa jira"

*- Raayyaa ittisa biyyaa*

Maqaa qabsootiin ummata dawoo godhachuun yakka saamichaafi ajjeechaa raawwataa kan ture gareen shorokeessaa Shanee gocha shorokeessummaasaatiin ummata biratti fudhatama dhabuu bira darbee socho'uufillee waan rakkateef harka kennataa jiraachuu raayyaan ittisa biyyaa beeksise.

Godinaalee Wallagga Lixaa, Wallagga Bahaafi Shawaa Lixaatti tarkaanfii raayyaan ittisa biyyaa garee shorokeessaa Shaneerratti fudhateen hedduun isaanii harka kennachuu ajajoonni kutaa waraanaa godinaalee kanneenii himaniiru.

Ajajaan kutaa waraanaa Wallagga Lixaatti argamuu Koloneel Geetaahun Rattaa shaneen harka kennachuun alatti filannoo biraa hinqabu jedhan.

Oppireeshinii qindaa'aa Godina Shawaa Lixaa, Aanaa Baakkoo Tibbeetti tibbana taasifameen garee shororkeessaa Shanee karaa gurmaa'een socho'aa turerratti tarkaanfiin fudhatamuu ajajaan kutaa waraanichaa Koloneel Taakkalaa Garramoo himaniiru.

Kanaanis hedduusaaniirratti tarkaanfiin fudhatameera kanneen hafan immoo hidhannoo waliin booji'amaniiru jedhan.

Haaluma walfakkaatuun Godina Wallagga





Bahaa, aanaalee Sibuu Sireefi Waayyuu Xuqaatti tarkaanfii Shaneerratti fudhatameen miidhaa olaanaan irra gahuu ajajaan kutaa waraanaa Koloneel Abbaayinah Asmaamaawu dubbataniiru.



Tarkaanfii qindaa'aa raayyaan ittisa biyyaa fudhataa jiruun Shaneen gocha shorokeessummaasaatiin ummata biratti fudhatama dhabuu bira darbee socho'uuf rakkataa akka jiru ajajoonni kutaa waraanaa himuusaanii Taayyaa Ittisa Biyyaaraa odeeffanne.

## Oromiyaatti sagantaa Ashaaraa Magariisaan biqiltuu muduraa miliyoona 350 dhaabuuf karoorfame

**Taammiruu Raggaasaatiin**

**Finfinnee:** Naannoo Oromiyaatti sagantaa Ashaaraa Magariisaa bara kanaatiin biqiltuu muduraa miliyoona 350 dhaabuuf kan karoorfame ta'uu Biiroon Qonna Oromiyaa beeksise.

Biirichatti daarektarri Misooma Muduraa Obbo Tagany Irranaa tibba darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, Oromiyaan omisha mudaraaf mijooftuu waan taateef saayinsiifi teknolojii fayyadamuun omishtummaa muduraalee dabaluuf hojjetamaa jira. Kana malees, hojii babal'isuu misooma kuduraa baddaa, badda dareefi gammoojjiitti hektaara kuma 106 hojjetameera.

Sagantaa Ashaaraa Magariisaa keessatti faayidaansaanii olaanoo waan ta'eef sanganticha keessatti biqiltoota muduraatif xiyyeeffannoo addaa laachuun hojjetamaa jira kan jedhan Obbo Tagany; biqiltuu muduraa miliyoona 500 karoorsuufi hanga ammaattis biqiltuu miliyoona 450 dhaabuu ibsaniiru.

Omishaafi omishtummaa muduraaleetif haalotni mijaa'oo hedduun mootummaadhaan uumamaniiru. Dhaabbileen miti mootummaa



*Obbo Tagany Irranaa*

garaagaraas sagantaalee garaagaraa kanneen akka 'AGP, ATI, IFAD, CALM' jedhamaniifi kanneen biroo bocuun deeggarsa taasisuurratti argamu. Hojii inisheetivii mootummaanfi dhaabbilee dhunfaatiin hojjetamaniin hanga ammaatti lakkoofsi buufata biqilaa muduraa gara 267tti akka guddatu taasifameera.

Omishaafi omishtummaan muduraa baraa gara baraatti daran dabalaa jira jedhanii; jalqabamuu

Sagantaa Ashaaraa Magariisaa dura omishni muduraaleen biyyattii keessatti hin beekkamne omishamuu kan jalqabaman ta'uu himanii, ji'oottan saglan darban keessatti muduraaleen akaakuu adda addaa kuntaala miliyoona 87 ol omishuun danda'ameera jedhaniiru.

Akka isaan jedhanitti, sanyii muduraalee haala qilleensaa waliin adeeman kan dhukkuba dandamatan, kan omishtummaansaanii guddaa ta'e, gabaa biyya keessaattis ta'ee gabaa alaatti kan barbaadaman qo'annoo qonnaa fayyadamuun ('tissue culture') akka omishaman kallattii kaa'uun hojjetamaa jira. Mala Qo'annoo qonnaa kana fayyadamuun kan kanaan dura mala aadaatiin wayita omishamu muuziin waggaa lama keessatti ija godhachuun kan beekkamu sanyii muuzii ji'a sagal keessatti gahu babal'isuun biirichi jiruufi jireenya qonnaan bulaa jijjiiruurratti argama.

Omishaafi omishtummaan muduraalee dabalaa jiraatus omisha omishu kanarraa qixa sirriin qonnaan bulaa fayyadamaa taasisuuf hudhaaleen walitti hidhamiinsa gabaa, hanqinootni mankuusaa, rakkoon lojistikiifi hanqinni dhiyeessii sanyii muduraaleerratti jiru furuun xiyyeeffannoo gara fuulduraa ta'uu Obbo Tagany ibsaniiru.

## Waamichi komishinichi dhiyeesse marii aadaa...

mar'atanii rakkoo biyyaa furuun bu'aa akka qabu himanii; waldhabdee humnaan furuuf yaaluun maraammartoo baradheeraa kaleessaatti deebi'uudha.

ABOn bara 2010 gaafa biyya galee karaa nagaa qabsaa'uuf biyya seene. Ammas carraa kana fayyadamuun daandii nagaan qabsaa'uu akka ittifufu himanii; waamichi komishiniin marii biyyaalessaa dhiyeesse jajjabeeffamuu qaba jedhan.

Akka qabatamaa rakkoo biyyaatti wanta madda walittibu'iinsaa ta'e carraa argame kanatti fayyadamuudhaan gara waltajjiitti fiduun furmaata argachuu qaba kan jedhan dura taa'ichi, furmaanni har'a mariin argamu dhaloota ittaanuuf galaa waan ta'uuf qaamoleen seeraan ala hidhatanii jiran kutannoon gara mariitti akka dhufan gaafataniiru. Abbootiin Gadaa, abbootiin amantaa, haadholiin Siinqee hayyootni waamichi komishinichi dhiyeesse akka milkaa'uuf gumaacha irraa eegamu ba'uu qabu jedhaniiru.

Yuunivarsitii Finfinneetti hayyuun siyaasaa Shimallis Hayiluu waamichi komishinichaan dhiyaate jijjiirama amala, aadaafi sochii siyaasa biyyaa jijjiiruun ummataaf nagaa fiduuf shoora olaanaa qaba. Ija siyaasaatiin yeroo ilaalamus aadaa siyaasa kaleessa walajjeesuun aangoo walirraa fidhachuu hambisuun dhimma waloo borii mariin akka murteessan taasisa jedhan.

Kanaaf, humnootni waamichi dhiyaateef waamicha kana hubatanii fudhachuu akka qaban himanii; mootummaanis akkamitti akka isaan hirmaatan, yakka raawwatameef ittgaafatamummaa fudhatamuufi hinfudhatamne adda baasuun, murnoota kanneen akkamitti deebisanii dhaabuun akka danda'amurratti milkaa'ina marichaatiif ga'eesaa ba'achuu qaba jedhan. Ummannis murnoonni seeraan ala hidhatan gara mariitti akka dhufaniif gumaacha irraa eegamu ba'uu akka qabu dhaamaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Ebla 19 Bara 2016

## Akkuma

*"Biiftuu jirtuu suksuku"* jedhamu Qeerrummaan waqtii muuxannoo qabnu hojiifi galiitti jijjiirruudha"

*- Dj Duus*

*fuula* 10



## "Kaka'umsi waggoota jahan darbanitti damee barnootaarratti mul'ate qabeenya ofiirratti murteessuu danda'uurraa kan maddeedha"

- Tolaa Bariisoo (PhD)

*fuula* 6





## Sirna Gadaa keessatti sadarkaalee hirmaannaa ijoollummaafi dardarummaa

*fuula* 8

## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Kaka’umsi waggoota jahan darbanitti damee barnootaarratti mul’ate qabeenya ofiirratti murteessuu danda’uurraa kan maddeedha”

## - Tolaa Bariisoo (PhD)

**Bayyanaa Ibraahimiin**

*Bitootessa bara 2010 irraa kaasee haalli siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee biyya kanaa adeemsa siyaasaa haaraa keessa kan itti galte yemmuu ta’u, haala siyaasaa lammiilee karaa nagaatiin yaadasaanii ummata biraan gahuuf qabsaa’an hundaaf kan ulaan siyaasaa itti bal’ate, miidiyaaleen walabaa boqonnaa itti argatan, sabaafi sablammootni siyaasa giddugaleessaa keessaa dhiibamanii moggaatti baafamanii turan kan sagalee itti argatanii paartii biyya bulchutti sadarkaa koree giddugaleessatti iddoo argataniifi rakkoolee gara garaarratti shakkii keessa galaa kan ture ijaarsi hidha guddichaa kan itti baraarame waqtii jijjiirramaa guddaa kanatti.*

*Jijjiiramni siyaasaa waggaa jahan har’aa dhufe kun damee barnootaatiif carraafi sodaa akkamii, qulqullina barnootaa mirkaneessuurratti raawwiin jiru maal akka fakkaatuufi keessattuu jijjiirama imaammata barnootaatiin walqabatee kufaatiin barattootaa kutaa 12ffaafi 8ffaatti jiru maalirraa akka madde, dabalataanis jijjiiramoota gama barnootaatiin waggoota jijjiiramaa kana keessatti galmaa’anirratti Gaazexaan Bariisaa hayyuu barnootaafi hogganaa yeroo dheeraa damee barnootarratti jijjiirama fiduun beekaman Doktar Tolaa Bariisoo wajjiin gaafdeebiin taasise akka armaan gadiitti dhiyaateera.*

**Bariisaa: Yeroo gabaabaa keessatti jijjiiramoota damee barnootaatiin waggoota jijjiiramaa kanatti galmaa’an dubbistoota keenyaaf ibsuuf heeyyamoo ta’uu keessaniif galatoomaa!**

**Doktar Tolaa**: Isinis hojii bu’uura waan hundaa kan ta’e barnootarratti waan hojjatamaa jiru ummata biraan gahuuf dhufuu keessaniif ulfaadhaa!

**Bariisaa: Mee gara bu’aalee jijjiiramaan booda damee barnootaarratti argamaniitti dhufuun dura rakkoolee sanaan dura turan osoo nuu kaastanii?**

**Doktar Tolaa**: Bareedakaa. Akkuma beekamu bara jijjiiramaa kan jedhamu bitootessa bara 2010 as yeroo jiru kan dhuunfatu yemmuu ta’u, kunis amma waggaa jahaffaa keessa galleerra jechuudha. Akkuma isinuu kaaftan gara hojiiwwan damee barnootaatiin waggoota jahan jijjiiramaa kanneen keessatti hojjatamaniitti darbuun dura rakkoon sanaan dura ture maal akka ture ilaaluun daran barbaachisaadha.

Haala imaammata barnootaa waggoota 30tti dhihaatuuf biyyattii keessa ture yemmuu ilaallu rakkoowwan turan hedduu ta’anis isaan keessaa barattootni barnoota sadarkaa tokkoffaa marsaa jalqabaa kutaa 1ffaa hanga 4ffaatti turan barreessuufi dubbisuu dadhabuudhaan walqabatee rakkoon ture olaanaadha.

Akkuma beekamu barataan barnoota sadarkaa gadaanaa keessatti sirnaan hinqalbifanneefi dubbisuufi barreessuu hindandeenye gara sadarkaa giddugaleessaafi olaanaatti yemmuu guddatus waan daree keessatti barsiifamu



Suurri : Gabaaboo Gabreetiin

sirnaan qayyabachuurratti rakkoo guddaa kan itti ta’uudha.

Rakkoon biraafi dhimmumti kanaan walqabatu manneen barnootaa oolmaa daa’immanii baadiyyaa keessa jiraachuu dhabuu qofa osoo hintaane, kanneen naannawa magaalotaatti argamanis abbootii qabeenyaa dhuunfaatiin kan barsiifaman turan.

Haalli kun rakkoolee guguddoo lama uume. Isaanis, inni jalqabaa barattoota baadiyyaafi magaalaa gidduutti loogii uumuudhaan garaagarummaan akka bal’atu taasise. Lammaffaa oolmaan daa’immanii magaalotatti ijaaramanii barnoota kennanis abbootii qabeenyaa dhuunfaatiin kan bulan manneen barnootaa dhuunfaa waan ta’aniif maatii harkaqal’eeyyii manneen barnootaa dhuunfaatti daa’immansaanii barsiifachuu hindandeenyeef carraa kan hinkennine waan tureef magaalumattuu ijoollee hiyyeessaafi dureessaa gidduutti garaa garummaa uumuudhaan qajeelfama daa’imman umriinsaanii barnootaaf gahe akka barattu ajajuufi mirga lammiileen hundi barnoota walfakkaataa argatanis kan sarbuudha.

Kanaaf rakkooleen kunniiniifi kaan sirnaan erga tarreeffamanii booda gara tarkaanfii sirreeffamaatti kan galameedha jechuun ni danda’ama.

**Bariisaa: Rakkoolee keessattuu barnoota bu’uuraan duraa kanneeniif mala furmaataa akkamii keessan? Hanga ammaatti bu’aan dhufe hoo maal fakkaata?**

**Doktar Tolaa**: Jalqaba rakkooleen kunniin maalirraa akka maddan erga qorannee booda gara kallattii furmaataa keenyee irratti hojjachuutti kan galle. Barnootni bu’uraa manneen barnootaa mootummaa keessatti akka hinkennamneefi manneen barnootaa dhuunfaa naannawa magaalotaatti argaman keessa qofatti akka kennaman kan taasise imaammata barnootaa biyyattiiti.

Kanaafuu, rakkoo kana bu’uuraan furuuf yoo barbaadame tarkaanfiin jalqabaa imaammata barnootaa lammiilee gidduutti loogiin akka uumamuuf karaa bane geeddaruu qofa ture. Kanumarraa ka’uun nutis erga rakkoolee jiran tarreessinee booda imaammanni waggoota 28f barnootni biyyattii ittiin hogganamaa ture akka geeddaramu waliigaltee irratti uumuudhaan akka geeddaramu taasifameera.

Imaammanni barnootaa barnootni idileen duraa ykn oolmaan daa’immanii mootummaadhaan akka hinkennamne dhorkaa ture geeddaruu qofa osoo hintaane, keessattuu Naannoon Oromiyaa manneen barnoota oolmaa daa’immanii Bu’uura Boruu /Ifa Boruu/ jedhaman haala seenaa Itoophiyaa keessatti hinbaramneen yeroo gabaabaa keessatti baay’inaan ijaaruudhaan seenaa haaraan dalagameera.

Erga imaammanni barnootaa geeddaramee booda hojii guddaan akka Oromiyaatti xiyyeeffannoo addaatiin hojjatame hojii oolmaa daa’immanii babal’isuu, manneen barnootaa bultii addaafi manneen barnoota addaa ture. Kanneen keessaa inni guddaafi xiyyeeffannoo olaanaan hojjatamaa jiru daa’imman jalaa dhufan irratti yemmuu ta’u, baadiyyaafi magaalota Oromiyaa hedduu keessatti daa’imman argaman carraa barnoota idileen duraa ykn barnoota bu’uraa akka argataniif hanga ammaatti manneen barnootaa bu’uura boruu kuma 15,058 ijaaramanii hojii baruufi barsiisuu keessa galaniiru.

Barnoota idileen duraa ykn bu’uuraa kana kennuun maaliif xiyyeeffannaa argate yoo jedhame, rakkooleen ani jalqabarratti osoo jijjiiramni kun hindhufiin damee barnootaa keessatti dhiibbaa olaanaa akka uumaa jiran sii kaase fakkeenyaaf kan barattootni sadarkaa duraa marsaa jalqabaa baratan dandeettii barreessuufi dubbisuun walqabatee isaan qunnamaa ture waan furuufi.

Haala imaammata barnootaa haaraa amma hojiirra oolaa jiruutiin daa’imni tokko umriisaa waggaa shanitti barnoota bu’uraa 1ffaa akka galu kan heeyyamuudha. Daa’imman osoo gara barnoota idilee hingaliniin dura oolmaa daa’immanii keessa dabartee gara barnoota idileetti galtu immoo ogummaa barreessuufi dubbisuu sirriitti horattee dhufti. Kana jechuun rakkoon dubbisuufi barreessuun walqabatee tanaan dura mul’achaa ture haala kanaan furmaata waaraa argateera jechuun nidanda’ama.

Asirratti garuu, rakkoo bu’uraa kan ture immammatni barnootni bu’uuraa akka manneen barnootaa mootummaatiin hinkennamne dhorku geeddaramuusaafi as keessatti garuu barattootni sababoota garaa garaatiin imaammatuma geeddarame kana keessatti kutaa 1ffaa hanga 4ffaa barachaa jiran hundi dubbisuufi barreessuu ni danda’u jechuu dhiisuu dandeenya.

Waanti guddaan garuu, imaammanni duraanii kan barattootni carraa kana akka hinarganne dhorku geeddaramee yeroo ammaatti daa’imman carraa barnoota bu’uraa manneen barnootaa bu’uura boruu waggoota muraasa keessatti ijaaramanii barnoota kennaa jiranitti argachaa jiru jechuudha.

Haala waliigalaatiin yeroo ammaa barattootni miiliyoona 1.8 ta’an manneen barnootaa bu’uura boruu keessatti baruumsasaanii hordofaa jiru.

**Bariisaa: Ijaarsa manneen barnootaa bu’uura boruu kana bifa si’ataa ta’een akka babal’ataniif sababnisaa maali? Hirmaannaan ummataa hoo as keessatti akkamitti ibsama?**

**Doktar Tolaa**: Akkuma beekamu rakkoon damee barnootaa keessa ture isa daa’imman barnoota bu’uraa manneen barnootaa mootummaatti akka hinarganne taasisuu qofa osoo hintaane rakkoowwan qabxii barattootaatiin walqabatee turs hiikuufi qulqullina barnootaa mirkaneessuuf hojiiwwan akka Oromiyaatti baroota jijjiiramaa kanneen keessatti hojjataman manneen barnoota bu’uura boruu ijaaruu qofa hinturre. Hojiin damee barnootaarratti baroota kanneenitti hojjatame tokko jedhee kan eegalame manneen barnootaa haaressuufi dareewwan dabalataa ijaaruu ture.

Duula manneen barnootaa haaressuufi dareewwan dabalataa ijaaruu keessatti hawaasni naannoo keenyaa baadiyyaafi magaalaa haala nama ajaa’ibsiisuun hirmaannaa taasisaa tureera; jiras. Waanti nama ajaa’ibu Godina Shawaa Kaabaatti mana barnootaa tokkotti yemmuu ijaarsi dareewwan dabalataa adeemsifamaa turetti yemmuu daaw’achuuf achi dhaqnu barsiisota dhoqqee bukeessannii mana maragaa turan ija keenyaan agarreerra.

*Gara fuula 7tti*

## KEESSUMMAA BARIISAA

# "Kaka'umsi waggoota jahan darbanitti damee barnootaarratti ...



Kun kan ani ija kootiin argeedha malee hojiin iddoowwan hedduutti hojjatamaa ture hedduun haaluma kanaan barataadhaa hanga barsiisaatti, hoggansa manneen barnootaatii hanga hawaasa mana barnootaatti hirmaannaa cimaafi miira abbummaatiin hojjatamaa ture.

Yommuun gara gaaffii keetti deebi'u ijaarsi manneen barnootaa bu'uura boruu yeroo gabaabaa keessatti akka baay'inaan ijaaramuufis sababa guddaa kan ta'e hirmaannaa ummata bal'aa naannoo keenyaati jechuun nidanda'ama.

Hojiiwwan Biiroon Barnoota Oromiyaa deeggarsa mootummaa naannichaafi qaamolee gara garaatiin deeggaramee waggoota jijjiiramaa kana keessatti adeemsa hojjechaa ture keessatti hawaasni bal'aan bifa kanaan dura hinbaratamneefi gara fuula duraattis cimee ittifufuu qabuun hirmaannaa abbummaa taasisaa tureera, taasisaa jiras.

Keessumaa ijaarsa manneen barnootaa bu'uura boruutiin walqabatee immoo hirmaannaafi dorgommiin abbootiin qabeenyaa Oromoo taasisaa turan hedduu ajaa'ibsiisaa ture. Irrajireessi manneen barnootaa kanneeniis kan ijaaraman gumaacha abbootii qabeenyaa naannichaatiin yemmuu ta'u, abbootiin qaabeenyaa Oromoo ijoolleen duubaa dhufan hiree gaarii argatanii akka biyyattii dhaalan hawwii qabanis kan irratti mirkaneessaniidha. Abbaan qabeenyaa Oromoo tokko qofti manneen barnootaa bu'uura boruu lama ijaaree Biiroo Barnoota Oromiyaafi mootummaa naannichaatiif kenneera.

Kanaaf hojiiwwan haaressa manneen barnootaatii kaasee hanga hojiileen ijaarsa dareewwan dabalataa, darbees manneen barnootaa bu'uura boruu babal'isuu keessatti hirmaannaan ummataa ture kan kanaan dura hin baramne qofa osoo hintaane, haalli raawwii yeroo ijaarsaa manneen barnootaa kanneenniis yemmuu ilaalan ijaarsisaaniis haala kanaan dura biyya kanatti hinbaratamneen ji'oota shanii hanga waggaa tokkoo gidduutti kan ijaaramanii xumuraman ta'uunsaaniis hojiileen ijaarsaa koriidarii Finfinneetti si'ataa jiru kanaafis akka bu'uura ta'etti amanna.

Yommuu haala waliigalaatiin ilaalamu dadammaqiinsi hojiiwwan damee barnootaa waggoota jahan kanatti mul'achaa jiru qabeenya ofiirratti murteessuu danda'uurraa kan maddeedha jechuun nidanda'ama.

**Bariisaa: Si'aayina pirojektota kanneeniifi hirmaannaa ummataafi abbootii qabeenyaa kana nutis hordofaa waan turreef ragaa ta'uu dandeenya. Mee waliigalaan hirmaannaan ummataa waggoota jijjiiramaa kanneenitti damee barnootaa keessa ture maallaqa hammamiitti shallagama?**

**Doktar Tolaa**: Asirratti beektuu, yeroma ijaarsi pirojektotaa haala ho'aadhaan hirmaannaa ummataafi abbootii qabeenyaatiin gaggeeffamaa ture sanattuu hirmaannaan ummataa bakka akkasiitti ture maallaqa hangannaatti shallagama jennee yeroo ibsaa turretti, "Jarri lakkoofsa hinbeektuu?" jedhamaa ture. Hojiin tokko yommuu hirmaannaa ummataatiin hojjatamee shallaggiinsaa gara maallaqaatti jijjiiramu hojicha kan hogganu nu miti.

Hirmaannaa ummataa dameewwan gara garaarratti qaamolee adda addaatiin raawwatame Biiroo Faayinaansii Oromiyaatu foormulaa herreegaasaatiin hojjata malee kan Biiroo Barnootaatiin hojjetamu miti. Namootni hedduu garuu waan hojmaata kana sirnaan hinhubanneef waanuma nuti lafaa kaanee tilmaama keenyaan akkas jennee dubbannu ittifakkaachuu mala.

Kanaaf, akka Biiroon Maallaqaa Oromiyaa hojjatee nutti agarsiisetti hirmaannaan ummataa waggoota jijjiiramaa kanatti damee barnootaa qofarratti bahe qarshii biiliyoona 100 olitti tilmaamama. Kun ammas akkuman duraan kaase namoota haala herregaa dhimmi kun ittiin hojjatamu hinbeekneef ulfaachuu danda'a.

Wanti ani hambise tokko maal seete, haaressa manneen barnootaa, ijaarsa dareewwan barnootaa dabalataafi ijaarsa manneen barnootaa bu'uura boruu cinaattis, manneen barnootaa addaafi manneen barnootaa bultii addaas iddoowwan hedduutti baruma jijjiiramaa kana keessatti ijaaramaniiru.

Akkuma beekamu jijjiirama dura mana barnootaa bultii addaa Waldaa Misooma Oromiyaa qofatu Oromiyaa keessa ture. Ammaa garuu haala teessuma Oromiyaa xiyyeeffannoo keessa galcheefi dhaqqabummaasaas mirkaneessuun iddoowwan filataman torbatti manneen bultii addaa ijaaramanii barattoota simachuudhaan barsiisaa jiru.

Isaanis; mana barnoota bultii addaa Dodolaa, Amboo, Nageellee, Haramaayaa, Ya'aballoo, Najjoofi Baddalleetti ijaaramanii barattoota barsiisaa kan jiran manneen barnoota bultii addaa kunniin barana yeroo jalqabaatiif waan maatiriikii fudhataniif rakkoo qabxiin walqabatee naannoo keenyatti mul'achaa jirus ni fooyyessu jennee abdanna.

Ijoollee kutaalee Oromiyaa gara garaa keessaa dorgomanii manneen barnootaa bultii addaa kanneenitti barachaa jiran keessaa 1800 barana qormaata maatirikii kutaa 12ffaa ni fudhatu.

Kana qofa osoo hintaane, manneen barnootaa addaas kan barattootni ciccimoon filamanii itti baratan, garuu akka mana barnoota bultii addaatti keessa hinbulamne, guyyaa qofa ijoolleen ciccimoon kan itti barataniifi yunivarsiitota naannawa sana jiran jalatti akka bulaniifi, haalli mijate kan ijaaramanis barootuma jijjiiramaa jahan kana keessatti.

Hanga ammaatti akka naannootti manneen barnootaa 33 haala kanaan hundaa'anii hojii baruufi barsiisuu fooyya'aa ta'e kennuurratti argamu.

Kanaaf hojiiwwan kanneen hunda keessatti hirmaannaan ummataafi abbootii qabeenyaa ture olaanaadha. Kanaafuu maallaqni ani hirmaannaan ummataa waliigalaan biiliyoona 100 olitti tilaamama siin jedhe sunis hojiiwwan kanneen hunda kan hammatuudha.

**Bariisaa: Hojiiwwan qulqullina barnootaa mirkaneessuuf hojjataman keessaa jireenya barsiisaa fooyyessuun isa guddaa waan ta'eef asirratti hoo maalirra jirtu?**

**Doktar Tolaa**: Gaaffii gaariidha. Akka Baankiin Addunyaa jedhutti hojii qulqullina barnootaa mirkaneessuuf hojjatamu keessaa dhibbantaan 70 barsiisaafi hoggansa manneen barnootaatiin akka ta'e mul'isa. Kanaaf nutis dhimma kana akka salphaatti waan ilaallu miti jechuudha.

Baroota jijjiiramaa kana keessatti hojii rakkoolee barsiisotaa furuuf hojjatameen barsiisotni kuma 27 magaalotatti iddoo ijaarsa manaa akka argatan taasisuun danda'ameera. Haata'u malee baay'ina barsiisota qabnuufi rakkoolee isaan keessa darbaa jiraniin yemmuu ilaallamu hojiin kun daran xiqqaadha.

Rakkoo mindaafi faayidaalee adda addaatiin walqabatu sadarkaa biyyaatti akka deebii argatuuf hanga kallattiin taa'utti nuti humna qabnuun naannawa magaalotaatti bariisotaaf lafti akka kennamu, naannawawwan baadiyyaatti immoo hirmaannaa ummataatiin manneen jireenyaa barsiisotaaf akka ijaaraman taasisaa jirra. Yeroo ammaa naannawa baadiyyaatti manneen jireenyaa barsiisotaa 5000 ijaaramaa jiru. Kanaaf hanga humni keenya danda'een dhimma kanarrattis xiyyeeffannoodhaan hojjachaa jirra.

**Bariisaa: Mee dhumarratti qabxiin barataa kutaa 8ffaafi 12ffaa bara darbe Oromiyaatti galmaa'e quufsaa waan hinturreef barana maal haa eegnu?**

**Doktar Tolaa**: Nutis firiin qormaataa bara darbe akka naannootti galmaa'e kan kutaa 8ffaas ta'e kutaa 12ffaa quufsaadha ilaalcha jedhu hinqabnu. Wanti beekamuu qabu tokko maal isinitti fakkaate, dameen barnootaa akka damee kaanii hojii gaarii har'a hojjatteef bu'aasaa kan argattu ammuma yeroo gabaabaa keessatti osoo hintaane, yeroo dheeraa booda.

Barnoota bu'uura boruu jennee ijoolleerratti eegalle bu'aasaa haammachuu kan eegallu waggaa 12n booda jechuudha. Kanaaf hojiilee guguddoon nuti dhalootarratti hojjachaa jirru qabxii yeroo ammaa galmaa'aa jiru qofaadhaan madaalamuu hinqabu. Yoo kan madaalamus ta'e gaafa ijoolleen irratti hojjachaa jirru qormaata fudhatanirraa eegaluu qaba.

Haa ta'uutii garuu qabxiin bara darbe kutaa 8ffaafi 12ffaa irratti galmaa'e qaanessaadha. Barattoota bara darbe qormaata kutaa 12ffaa fudhatanii walakkaadhaa ol argachuudhaan darban dhibbantaa 1.8 ture.

Barana garuu lakkoofsa kana gara dhibbantaa 11.8 ol guddisuuf karoorfannee hojjachaa jirra. Kan kutaa 8ffaas yemmuu ilaallu isaan qormaataman keessaa kan darban dhibbantaa 40 qofa. Kanas barattoota kutaa 8ffaa barana qormaataman keessaa barana dhibbantaa 80 ni dabarsina jennee hojjachaa jirra.

**Bariisaa: Yeroo nuu kennitaniif irra deebinee isin galateeffanna**

**Doktar Tolaa**: Isinis ulfaadhaa!

# Sirna Gadaa keessatti sadarkaalee hirmaannaa ijoollummaafi dardarummaa

**Taammiruu Raggaasaatiin**

Sirni Gadaa garaagarummaa koorniyaa, umrii, sadarkaa barnootaa, gosaafi amantiidhaan dhala namaa kan qoodu osoo hintaane sirna dhala namaa hunda jaarmiyaalee adda addaa jalatti ijaaruun hawaasa keessatti dhimmoota siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaarratti akka hirmaatan taasisuudha.

Sirnicha keessatti namni tokko sadarkaa ijoollummaarraa kaasee hanga Jaarrummaatti jaarmiyaalee sadarkaa sadarkaan jiraniin hammatamuun hoggansaafi ittigaafatamummaa garagaraa keessa kan darbu yoo ta'u, gama koorniyaatiinis hunduu ijoollummaasaarraa kaasee sirnicha keessatti hirmaachuuf akka mijatutti caasaalee garagaraatti kan qooduudha.

Sirnichi hojiilee siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa hojjechuuf akka mijatutti karaa bilchina qabuufi hirmaachisaa ta'een kan caaseffame yommuu ta'u, caasaaleen jiran kunniin dhalli namaa guyyaa dhalaterraa eegalee akkuma umriinsaa dabalaa adeemuun waan yaadaan bilchaatuuf ittigaafatamummaan namni tokko hawaasa keessatti qabu dabalaa adeemee sirna bulchiinsa Gadaa keessatti gulantaa tokkorraa gara gulantaa ittaanuutti ce'a. Barreeffamni kun sadarkaalee sirni Gadaa Gujii qabu afran keessaa kan ijoollummaafi dardarummaarratti kan xiyyeeffateedha.


Akka ragaan maxxansa Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Gujii "Baallii 75ffaa" sababeeffachuun qophaa'e dubbisiisetti tokko tokkoon gulantaalee kanneen keessatti sirnootni (jilti) raawwatamuufi namni akka ittigaafatamummaasaa bahachuu danda'uuf akkaataadhuma gulantaasaatiin leenjiin kennameefii gahoomaa deema.

Ijaaramni sadarkaalee Gadaa kunis akkuma gahumsaafi bilchina sadarkaalee keessa qaxxaamuruun qoodamee kan ijaarame yoo ta'u, sadarkaan (gulantaan) nama tokkoof kennamu umriirratti osoo hintaane gulantaa abbaasaarratti hundaa'a. Fakkeenyaaf Namni gulantaa Dooriirra jiru daa'imnisaa Dabballeedha. Daa'imni kun erga waggoota saddeet xumuree booda gara Qarree Diqqootti darba.

Namni gulantaa Yuuba Xiqqaarra jiru ijoolleen Yuubni kun uummatu Dabballee ta'uu waan hindandeenyef gulantaa sadarkaa abbaasaatiin waan madaalamuuf Kuusa ta'a. Akkasumas ijoolleen abbaansaanii abbaa Gadaa ta'e sadarkaa abbaan irra jirurraa gadi deebi'anii sadarkaa ijoollee Dooriitti Dabballee ta'anii hinramadaman. Sadarkaa abbaan Gadaa irra gaheen sadarkaa Qarree Diqqootti (Gaammee Xiqqootti) ramadamu.

Gulantaaleen sirna Gadaa Gujii kan namni sadarkaa sadarkaan keessa qaxxaamuru gara gulantaalee 13 qaba. Isaanis walduraa duubaan; Dabballee, Qarree Duubaa, Qarree Duraa, Kuusa, Raaba, Doorii, Gadaa, Baatuu, Yuuba Diqqaa, Yuuba Guddaa, Jaarsa Guduruu, Jaarsa Qululluufi Jaarsa Raqeyaadha. Gulantaaleen kunniin ijaaramawwan guguddoo afuritti qoodamu. Isaanis sadarkaalee Ijoollummaa, Dardarummaa, Maanguddummaafi Jaarrummaati.

Sadarkaan Ijoollummaa gulantaa Dabballee, Qarree Duubaa, Qarree Duraafi Kuusa of keessatti hammata. Yommuu sadarkaa ijoollummaa jedhamu namootni sadarkicha keessatti argaman umriisaaniitiin daa'ima jechuu osoo hintaane gaheen isaan sirna Gadaa keessatti qaban gahee jalqabaati jechuudha.



Suurri: Gabaaboo Gabreetiin

Namootni sadarkaa kanarratti argaman ittigaafatamummaa gama hawaasummaa, dinagdeefi bulchiinsaatiin hawaasa keessatti aangessuu waan hindandeenyeef sadarkaalee isaaniin ol jiran eeyyamsiifatanii hojii raawwwatu.

Sadarkaa kana keessaa isa jalqabaa kan ta'e Dabballeen miseensotni Luba kanaa gulantaadhaan ilmaan Doorii yommuu ta'an, sadarkaa kanaan waggaa saddeet turu. Namni sadarkaadhaan Doorii hingeenye yoo daa'ima godhate, gulantaan daa'imichaa Dabballee hinta'u, Hanga Gulantaa Dabballee seenutti Guduruu ykn Suluuda ta'a.

Oggaa daa'ima kanaaf rifeensa mataa haadaniif rifeensa xiqqaa fuulduratti dhiisuuf. Miseensotni Doorii ijoolleesaanii Guduruu turan jila jilisaniifii gara Dabballeetti guddisu. Yeroo isaan jilisan haati daa'imaa "Dur dhoksee guddisaa, har'a qoffee mul'isa" jettee sirbiti.

Aangoon miseensota gulantaa kana keessa jiranii gadaanaa ta'uu agarsiisuuf mallattoo daa'imummaa gulantichaa kan ta'e meeshaa Dabballee jedhamuufi elellaan gogaa horii irratti seefame mataatti godhatan.

Warri sadarkaa kana keessa jiran dhuma gulantaa kanaarratti jilli maqbaasaa gaggeeffameefii gara gulantaa ittaanuu, Qarree Duubaatti guddatu. Miseensotni sadarkaa kanaa daa'imman xixiqqoon yoo akka tasaa du'an reeffiisaanii boroo manaatti awwaalama.

Bu'uruma barsiisa sirna Gadaatiin abbootiin Gadaafi Yuubotni erga Faaroo ilaalanii booda rifeensasa daa'imichaa irraa haadanii ilmaansaaniitiif sirna maqaa baasuu raawwachuun ijoolleen kunniin gara gulantaa ittaanuutti akka cehan taasisu.

Dabballeen sagantaa maqbaasaa kanaan rifeensa mataasaanii haaddatanii, erga qarree buufatanii booda korma maatiinsaanii kennaniif mooraa loonii keessaa baatanii balbala abbootiisaanii duratti Areerachuun; sirba "Shaboo yaasa" jedhamu sirbuun gammachuusaanii ibsatu.

Yuubni Gujii Gannaalee Aagaa sirna Maqbaasaa ilaalchisee yaada Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, miseensi caasaa sirna Gadaa, Gadoomuuf sirnoota keessa darban keessaa tokko sirna Maqbaasuuti,

Sirna Gadaa keessatti namni tokko yoo maqaan hinbaaneef eenyummaansaa hinbeekamu kan jedhan yuubni kun, sirnichi mijuuwwan Obboleessaa, Dooriifi Yaa'aatiin kan raawwatamu ta'uu himaniiru. Namni sirna maqbaasaatiin maqaan baheef yoo akka tasaa du'ellee awwaalchisaa karaa nama maqaan hinbaaneefirraa adda ta'een kan raawwatamuuf ta'uu ibsaniiru.

Gulantaan Dabballeetti aanee jiru Qarree Duraa (Gaammee Guddaa) yoo ta'u, miseensoti gulantaa kanaa oggaa umuriinsaanii nama guddaa ta'u guyyaa abbootiinsaanii horii jilaaf qalatan isaanis abbaan duubaan harirtii raawwatu.

Warri gulantaa kana keessa jiran bulchiinsa sirna Gadaa keessatti shoorrisaanii guddaa ta'uu baatus, gaheensaanii guddaan korboo (leenjii waraanaa) taphachuu, foora looniin godaanuu, loon haya nyaachisuufi loon hora geessuudha.

Miseensi sadarkaa kanaa waan gara gulantaa ittaanuutti guddachaa deemanuuf jila Qarree buufata jedhamu raawwatanii gara gulantaa ittaanu (Kuusa)tti cehu. Miseensotni Jila raawwatan kun battaluma san qabeenya jalqabaa kan ta'e Goromsawwan (Raaddeen) lama kanneen maqaansaanii Qarreefi Bobbaasii jedhamee moggafamu argatu. Akka seera Gadaa Gujiitti namni tokko qabeenya horachuu kan jalqabu guyyaa kennaa raada argate sanaa eegaleeti.

Ijoolleen gulantaa kanaa, Qarree Duraa (Gaammee Guddaa) ta'anii kan turan waggaa saddeetiif yoo ta'u, dhuma waggaa saddeettaffaatti Qarree Dhumaa baafatanii gara Kuusaatti cehu.

Gulantaan Kuusaa gulantaa miseensisaa gara fuulduraatti ittigaafatamummaa fudhachuuf deeman waan ta'eef gulantaalee darbanirra yeroo ittidammaqee walbeekee waan hedduu barachaa deemuu qabu waan ta'eef gulantaa daran murteessaadha.

Jilootniifi sagantaaleen akka Jila Woldhaggii, Nyaachisa, Fooqa (Agallaa) seenuufi Jilli Bantii Saaqataa jilootaafi sagantaalee miseensota gulantaa kanaatiin taasifaman keessaa isaan muraasa.

Woldhaggiin gulantaa kana keessatti miseensotni luba kana keessa jiran hundi yeroo itti walbarataniifi dhuma gulantaa kanaarratti miseensi gulantichaa hoggansa keessa galuuf waan deemuufi waggaa 20 booda baallii fudhatanii Gadaa ta'anii ummata bulchuuf filatamuu waan danda'anif sagantaan waldhaggiin kun barbaachisaadha.

Yeroo woldhaggii abbootiin ijoollee kanaa gulantaa Yuubarra jiran hundi korma qaluudhaan nyaachisa gaggeessu. Yeroo kanatti hojiin miseensa Kuusaa inni guddaan nyaachuu, dhuguu, walbaruu, sirbuu, qeexaluu, sarbicha dhiituufi bashannanuudha.

Kuusi Yaa'a Gadaa gula godaanuudhaan abbootii Gadaa Qadaadduurraa barumsaafi leenjii fudhachuun hojiiwwan akka loon godaansisuu, karaa yaa'i Gadaa godaanu gula godaananii ciruu, mi'a fe'uu, qachaa yaa'aa ijaaruun tajaajila.

Fooqa (Agaallaa) seenuunis sagantaa miseensota gulantaa kuusaatiin raawwatamu keessaa tokko yoo ta'u, sagantaa fooqa seenuutiin miseensotni Kuusaa namoota hoggansaaf ta'an lakkoofsaan saddeet ta'aniifi kanneen Gujii balbala torbaa bakka bu'an ittifilataniidha.

Namootni filataman kunniin waggoota 16 booda hanga gulantaa Gadoomaa gahanii aangoo fudhatanii ummata bulchuu eegalanitti guyyaa filatamanii jalqabanii miseensotasaanii wajjin fooqa seenanii leenjii fudhatu. Namootni miseensota gulantaa kana keessaa filataman Faga, Abbaa Murtii, Irkisaa Abbaa Gadaa, Hayyuu, Jadhaaba, Waamuraafi Torbiidha.

Namoota dandeettii hoggansaa, naamusa gaarii, kaayyoofi gaaroo gaarii qaban erga of eegannoo cimaadhaan filatamanii booda namootni filatamaniifi miseensotni gulantichaa hundi iddoo leenjii isaanif qophaa'e (Fooqa ykn Agaallaa) seenanii osoo addaan hinkutin leenjii ji'a tokkoo fudhatu.

Mooraan leenjii kun dallaadhaan ijaaramee namootni filataman fooqa seenanii yommuu leenjicha fudhatan miseensotni hinfilatamin immoo hundisaanii fooqaan ala dallaatti naanna'uudhaan osoo addaan hinkutiin guyyoota 28f leenjii cimaa fudhatu.

Leenjicha kan kennan Yuubota guguddoo ga'umsaafi muuxannoo baroota dheeraa qabaniidha. Iddoon leenjichi itti kennamus iddoo qubsuma ummataarraa fagoo ta'eefi wanti nama jeequ danda'u tokkollee hinjirree yoo ta'e filatamaadha.

Matadureewwan leenjiin kun irratti kennamu keessaas muraasni waa'ee sirna bulchiinsa Gadaa, waa'ee aadaa, seeraa, qajeelfama hojii, naamusaa, waa'ee waraanaafi waa'ee jiloota adda addaati. Erga leenjicha xumuranii booda garee gareedhaan ijaaramanii mooraa leenjichaatii bahuun ummata keessa socho'anii akka leenjii fudhatan hojiitti jijjiiran taasifama.

Haaluma walfakkaatuun miseensi Kuusaa kan leenjiif fooqa seenaniifi hinseeniin hundi Jila Bantii Saaqataa kan mataasaanii gubbaatti bantii diqqoo saaqatan jila bantii haaddataa raawwachuun haadha warraa kan jalqabaa fuudhuun gara gulantaa ittaanu (Raabaa)tti guddatu.

# Ilaamee...

## "Dhaloota dhufu badhaadhina malee madaa dhaalchisuu hinqabnu"

*- Mana Maree Nageenyaa Biyyaalessaa*

**Haala yeroo nagaafi tasgabbii biyyaarratti mari'achuun ibsa Mana Maree Nageenyaa Biyyaalessaarraa kenname**

Kabajamtoota ummata biyya keenyaa; Itoophiyaan seenaa adeemsashee bara dheeraa keessatti, garaa garummaa siyaasaa waliigaltee dhabuufi walitti bu'iinsa karaa nagaan dubbachuufi mariifi marabbaan akkasumas waldhabdeerratti dubbachuun dubbii fixuurratti muuxannoo hinqabdu.

Akka carraa ta'ee siyaasni keenya, siyaasa ida'amnisaa zeeroo ta'eedha. Biyya keenyatti kan aadeffame humnaan aangoo qabachuun hanga aangoo gadhiisuttimmoo hunda walitti haree to'achuufi aadaa siyaasaa waan fedhe raawwatuudha.

Hoggansi jijjiiramaa gara aangootti kan dhufe humnaan miti, kunis aadaa siyaasaa haaraadha.

Aadaa siyaasaa akkasii kan cimsu immoo filannoo dimokraatawaan sagalee ummataa argatee hojjetee agarsiiseera.

Kana cinaattis hoggansi paartiilee siyaasaa gara garaa hoggansa mootummaarratti ramadamuun Itoophiyaan biyyaafi mana waloo ta'uushee raggaaseera.

Ce'umsi siyaasaa nagaan, qofaansaa manii miti; maniiwwan hedaman bira gahuuf akka meeshaatti tajaajila malee, rakkoon Itoophiyaa deemsa ammaa sirreessuu qofaan kan furamu miti. Cabiinsa seenaa keessaa dhaalle, wal'aanuun dirqama ta'a.

Cabiinsa kana faluufis furmaatiwwan sadii kaa'amaniiru. Rakkoo siyaasaa ture marii biyyaalessaatiin furuu, rakkoo si'anaammoo haqa ce'umsaafi haaromsaan sirreessuu, haala qabatamaa Itoophiyaan mootummaan tokko filannoon injifatee aangoo yoo qabatellee wantoonni qofaasaa murteessuu hinmalle dhimmoonni biyyaalessaafi mariin rakkooleen furmaata barbaadan jiru.

Sagaleen kun erga dhagahamuu eegale jaarraa walakkaan darbeera. Dhimma kana ilaalchisuunis erga mootummaan jijjiiramaa dhufee eegalee hanga yeroo dhihootti nama isa dhagahu hinarganne ture.

Mootummaan jijjiiramaa yaada kana fudhachuu qofa utuu hintaane yaadicha hojiilee lafa qabsiisan dhaabbilee bilisaa hundeesseera. Dhaabbata kana keessatti komishinaroonni muudaman kanneen muuxannoofi gahumsa olaanaa qabaniifi walaba ta'aniidha.

Komishinaroonni kunneen akka marii biyyaalessaa raawwachiisaniif aangoon seeraan kennameeraaf. Bu'uuruma kanaan adeemsa qooda fudhattoota mariisisuu maal ta'uu akka qaburratti adeemsaafi hojimaata qopheessaniiru.

Yeroo ammaa komishinichi akkaatuma karoorfateen naannolee 10fi bulchiinsota magaalaa lamatti hirmaattoota adeemsa marii kanarratti adda baasuu xumureera. Tokko tokkoo naannoleettis hojiin cimaafi dadhabsiisaan raawwatameera.

Hawaasas caasaa bulchiinsaa gadiirraa eegalee hirmaachiseera. Kanaanis lammiileen adeemsa marichaarratti hirmaatan adda baafamaniiru. Aanaalee 679 keessaa hirmaattonni 12,294 fo'amaniiru. Adeemsi kun abbaa dhimmichaa kan ta'e hawaasa kan giddugaleeffateedha.

Ajandaaleefi yaadonni furmaataa olii gara gadii qofa osoo hintaane hawaasa keessaas maddanii mariidhaan gabbatanii gara giddugaleessaatti akka dhufaniifi.

Torbee muraasa booda komishinichi waltajjii marii sadarkaa naannootti qopheessuu ni eegala jedhamee eegama.

Akkasumas naannolee hirmaattota adda baasuun keessatti hinraawwatamne naannolee lama keessatti hojiin hirmaattota adda baasuu dhiyeenyatti ni raawwatama. Mariin biyyaalessaa hawwiin eegamu yeroo dhiyoo keessatti akka gaggeeffamu eegama.

Carraa dhalootatti al tokko argamtu kana osoo hinqisaasessiin qajeelchaa, deeggaraa rakkoolee buleeyyii Itoophiyaaf furmaata akka ta'aniif hundi



keenya gahee keenya bahachuu qabna. Carraawwan keenya sababoota gara garaatiin qisaasessaa, maraammartoo rakkoo keenya keessa turuu keessaa bahuu qabna.

Lammaffaa haqa yeroo ce'umsaati. Itoophiyaa keessatti sababoota gara garaatiin miidhaan, cunqursaafi sarbamni mirga namoomaa raawwatamaniiru. Dhimmoonni akkasii seenaa biyyoota biroo keessattis raawwatamaniiru.

Adeemsa keenya hanga har'aatiinis inni humnaan mo'ee aangoo qabate warra kaan yakkamaafi balleessaa taasisee balaaleffata, ni adaba. Adeemsi akkasii haaloo walba'uu malee haqaa hinmirkaneessu.

Maraammartoo akkasii keessaa bahuuf haqi yeroo ce'umsaa tooftaa filatamaadha. Imaammanni haqi yeroo ce'umsaa ittiin hogganamus ragga'eera.

Qophiin imaammatichaas qooda fudhattoota dhimmi ilaallatu kan hirmaachiseefi muuxannoo idiladdunyaa kan bu'uureffateedha.

Adeemsa wixinee qophaa'e kana keessatti qofa naannoleetti waltajjiilee 60, akka biyyaalessaatti ammoo waltajjiilee 20 qophaa'uun galteen fudhatameera.

Kaayyoon imaammatichaa sirna bulchiinsaafi hojiirra oolmaa haqaa ce'umsaa diriirsuun nagaa, araaraa, olaantummaa seeraa, haqaafi dimokraasii ittifufiinsa qabu mirkaneessuudha.

Kaayyoo kana milkeessuuf akka barbaachisummaasaatti qorannoo yakkaafi himannaa, dhugaa barbaaduu, araara, beenyaa haqa yeroo ce'umsaa kanaan hojiirra oolu.

Akkuma beekamu biyya keessatti mootummaan ala humni hidhate akka jiraatu heerri hineeyyamu. Mirgi mootummaa inni tokko qofagaleessi humna fayyadamuudha.

Haata'u malee biyya keenyatti cabiinsa siyaasaa dhaalleen humnoonni hidhatan uumamaniru. Nageenya waaressuuf qaamoleen hidhatan kunneen hidhannoo hiikkatanii adeemsa haaromsaa keessatti makamuu qabu.

Gaaffii siyaasaa qabanis adeemsa marii biyyaalessaa keessatti hirmaachuun hiikkachuu danda'u. Kanaaf kan ta'u komishiniin Haaromsaa hundaa'eera.

Obboloonni keenya keessattuu dargaggoonni sababoota gara garaatiin dhiibamuun carraan yaada finxaaleyyiin butamuun gara dirree waraanaatti harkifaman jiru.

Kana mootummaan kallattii tokkoon qofa hinilaalu. Sochiinsaanii seeraan ala waan ta'eef humnaan qofa hiikamu qaba isa jedhus sirrii akka hintaane ni hubata.

Kanaaf qaama balleessaasaa amanee deebi'ee hawaasatti makamee nagaan jiraachuu barbaadu simachuuf mootummaan eeyyamamaadha. Kanas naannolee gara garaatti mul'iseera.

Naannolee, Beenishaangul Gumuz, Amaaraafi Oromiyaatti hidhattoonni kuma 10 ta'an harka kennataniiru. Leenjii haaromsaa fudhachuunis hawaasatti makamaniiru.

Hojiin kunis komishinii haaromsaa waliin ta'uun naannolee waliin qindoomuun cimee ittifufa. Jaarsoliin biyyaafi abbootiin amantaas hojii kanaaf akka tumsan carraa kanaan waamicha dhiheessina.

Kana cimsaa hojilee nagaa ummataa mirkaneessuu eegalaman cimsinee ittifufna. Ilaalchonni siyaasaa finxaalomaniifi murnoota yakkaafi saamichaaf gurmaa'an iddoowwan tokko tokkotti mul'ataa jiru.

Kana to'achuuf mootummaan hojii bal'aa raawwataa jira. Qaama hojii kanaa keessaa tokko kan ta'e dhaabbilee seera kabachiisan fooyyessuu, qindoominasaaniifi hawaasa waliin qaban cimsaa deemuudha.

Baadiyaatti hawaasni gurmaa'ee nagaasaa akka eeggatuuf ni hojjetama. Gama kanaan naannolee tokko tokkotti jalqabbii gaariitu jira. Biyyoota babal'aa akka Itoophiyaaf qaama nageenyaa danuufi hanga dakaatti gurmaa'etu barbaachisa.

Dabalataanis poolisii naannolee irradeebiin gurmeessuufi cimsuun ergama dirqama heeraa akka bahan taasifamaa jira.

Qindoominni kunis milishaarraa eegalee hanga Poolisii Federaalaatti akka cimuuf hojjetamaa jira.

Isa kanarra darbe immoo raayyaan ittisa biyyaa ergamasaa bahaa jira. waan haala kanaan hojjetamaa jiruufi shirri naannoo Amaaraatti yaaliin mootummaa sagalee ummataan aangoorra jiru humnaan diiganii qabachuuf taasifamaa ture akka hinmilkoofne ta'eera. Kanaanis naannichaafi heera baraaruun danda'ameera.

Naannoo Oromiyaattis sochiin kanaan walfakkaatu aanaaleefi gandoota tokko tokko keessa ture fashalaa'eera. Nageenyi Naannoo Beenishaangul Gumuzis haalaan fooyya'eera.

Sochiifi kaayyoo qaamolee shororkeessummaa Finfinnee dabalatee magaalota guguddoo biyyattiitti uumuuf socho'aa turaniis fashaleessuun danda'ameera.

Hojiileen gama kanaan hojjetaman murteessoo ta'anis gahaa miti. Gareewwan maqaa paartii siyaasaa daheeffachuun saamichaafi yakkarratti bobba'an to'achuun nurraa eegama.

Kanaafis qaama nageenyaa cimsuuf hojiin eegalame cimee ittifufa. Hojichaafis tumsi ummataa murteessaadha. Humna saamichaafi miidhaa raawwataa jiru sossobuun dhaabachuu qaba.

Gareen misoomaawwan bu'uuraa maallaqa hinjirreen raawwatame diiguufi balleessu gama kamiinuu namaaf hinta'u. Kanaafuu ummanni qaama olaantummaa seera kabachiisu tumsuu qaba.

Bulchiinsiifi qaamni siyaasaa sadarkaan jirus hojiinsaa olaanaan kana ta'uu hubatee eeggattummaa malee socho'uu qaba.

Gama tokkoon nagaa eegaa gama kaaniin immoo hawaasa qe'eesaarraa buqqa'e deebisee dhaabuu qaba; nagaafi tasgabbiin yeroo ummanni tasgabbaa'uu kan uumamu waan ta'eef.

Lammiilee sababoota gara garaatiin buqqa'an qe'eetti deebisuun hojjetamuu qaba. Kanaas mootummaan irratti hojjetaa tureera. Ammas ittuma jira. Akka fakkeenyaattis lammiilee daangaa naannolee Oromiyaa, Somaaleefi Geedi'oorraa buqqa'anii turan sadarkaa guutummaatti jedhamutti qe'eetti deebisuun danda'ameera.

Walittibu'iinsa Itoophiyaatti uumamee tureen akkasumas naannolee Oromiyaafi Amaaraatti rakkoo nageenyaa mudateen lammiileen buqqa'an jiru; kanneen qe'eetti deebisuufis hojjetamaa jira.

Hoggansi Naannolee Oromiyaafi Amaaraa namoonni buqqa'anii turan hedduun qe'eesaaniitti akka deebi'an taasisaniiru. Kanaanis hawaasa gidduu jaalalaafi waldeeggarsa malee rakkoon akka hinjirre hubatameera.

Itoophiyaa kaabaatti lammiilee Raayyaafi Allaamaaxaarraa buqqa'an ofumasaaniin hedduunsaanii gara qe'eesaaniitti deebi'aniiru. Adeemsa kanas warreen ajandaa siyaasaa godhachuuf carraaqan mul'ataniiru.

Yoo buqqaatonni deebi'an kadhaafi mormiinsaanii nu jalaa fashalaa'a jedhanii waan sodaataniifi. Humnoonni kunneen akka lammiileen gara qe'eesaaniitti hindeebineef olola sobaatiin doorsisu.

Yeroo tokko tokko immoo humnumaan namoota qe'eetti deebi'aa jiran dhaabuufaa kajeelu. Mootummaan ittigaafatamummaa qabuun lammiileen qe'eesaaniitti akka deebi'an gochuun ittifufa. Hojjin naannolee waliin eegalames cimee ittifufa.

Nagaafi tasgabbii booressuun waan hinmalle dubbachuun misooma gufachiisuun odeeffannoo hintaane tamsaasuudha.

Akkuma beekamu guddinni teknolojii miidiyaa balaa fidee dhufeera, kanaafis biyyoonni hedduun nageenyaafi birmadummaa biyyasaaniif jecha waantota danda'an hunda gochaa jiru.

Yeroo ammaa haalota sirnaan hubachuun akkamiin keessa dabarra isa jedhu of eegannoon hojjechuun yoo jiraachuu baate balaansaa hamaadha.

Kanarratti hojjetanii bu'aa buusuuf tokkummaan keessoo cimuun daran murteessaadha. Kanarratti hunduu of eegannoon tarkaanfachuu qabna. Diinonni keenya lafarratti mo'anne qilleensarraan dhufuun nu burjaajessuu hinqaban. Kanaafis eeyyamuu hinqabnu.

Kunis nagaa waaraafi. Nagaa waaraan jiraannaan badhaadhina waaraatu mirkanaa'a. Akka mootummaatti nagaa waaraaf hojjetamaa jira.

Nagaa waaraan waraanni jiraachuu dhabuu qofaan hindhufu. Nagaan kan sirnaafi heera bu'uureffateefi hinraafamne ta'uu qaba. Sirni nagaa karaa nagaan fiduu jiraachuu qaba.

Dhimmoota bu'uuraarratti waliigaluu haaloofi godaannisa darberra tarkaanfachuun fuula duratti imaluu danda'uudha. Kanaafis aadaan siyaasaa haaraan dhufuun dirqama. Kana hojiirra oolchuufis Komishinii marii biyyaalessaa, haqi ce'umsaa meeshaalee ijoodha.

Kanneen sirnaan lafa qabsiisuufis tumsa hundaa barbaachisa. Paartiin biyya bulchaa jiru kanaaf cichaa jira. Tokko tokkommoo barsiifata duubatti hafaatiin qawweedhaan mootummaa buufnee aangoo qabanna jedhanii carraaqaa jiru. Kun deemsa imala dimokraasii eegalame hinmilkeessu. Aadaa jaarraa 18ffaa qabatanii jaarraa 22ffaa keessa deemuun abaarsa malee jijjiirama hinfidu.

Waraanni hunda keenya kisaaraatti galcha. Nagaan garuu hunda keenyaaf bu'aa fida. Nuti abbootii keenyarraa waa'ee waraanaa dhaga'aa guddannee nu gaha. Dhalootuma keenya keessayyuu waraanonni hamoon lamaa hanga sadii darbaniiru.

Dhaloota dhufu garuu badhaadhina malee madaa dhaalchisuu hinqabnu. Itoophiyaatti siyaasa ammayyaatti galamuuf sochiin erga eegalamee jaarraa walakkaan darbeera.

Maraammartoon durii kan isaan hinhidhiifne ammallee jiru. Kan darberraa barree haala addunyaafi biyyaa beeknee kan nu fakkaatu uumnee gara fuula duratti tarkaanfachuu qabna.

Ajandaan dhaloota kanaa waggoota 50 nagaa waaraafi badhaadhina hundagaleessa.

# Qarreefi Qeerroo

## Akkuma *"Biiftuu jirtuu suksuku"* jedhamu Qeerrummaan waqtii muuxannoo qabnu hojiifi galiitti jijjiirruudha"

*- Dj Duus*

**Waasihun Takileetiin**

"Dargaggeessaa hammam geessaa? suman jaallee biyya keessaa" jedhamee weellifameefiira. Dhugaadha isaan utubaa biyyaa, wabii gaafa xiiqii, gaachana gaafa qabsoo, xomboora qaanqee bilisummaa ijji biyyaa irra jiruudha.

Jijjiirama akka biyyatti har'a hunduu hawaasdinagdeen akkasumas siyaasaan dhandhamaa jiru kanaaf xomboora ta'ee boba'ee, lafeesaa itti cabsee, dhiigasaa itti dhangalaasee, biiftuun bilisummaa dhootee baatee dimokraasiin akka lafa qabatu, hanni, seermaleessummaan, gola sabaafi sablammii goolaa ture hundeedhaa akka buqqa'u gochuu keessatti gahee leencaa taphataniiru.

Jijjiirama dhufe kana keessatti qeerroofi qarreen keenya erga gahee leencaa taphatanii fayyadamummaansaanii gama maraan akka mirkanaa'uuf harka mootummaa qofa eeguun furmaata waan hintaaneef yoon maal hojjedhe milkaa'uu danda'a isa jedhu yaaduun murteessaadha jedha Dargaggoo Dursaa Hamiid (Dj Duus) turtii Dirree Dhawaatti Gaazexaa Bariisaa waliin taasiseen.

Dargaggoo Dursaa Hamiid jiraataa magaalaa Dirree Dhawaa, ganda Taayiwaan yoo ta'u, hojii eeggachuurra hojii uummachuun murteessaa ta'uu kaasa.

Dargaggoonni keenya hawaasa keessatti guddatan keessaa muuxannoofi dandeettii addaa gahumsisaanii itti mul'atu qabu. Haata'u garuu gadi baasanii hojiitti hiikuurratti hanqinatu jira.

Muuxannoo tokko tokkoon keenya manaa hanga mana barumsaatti horataa turre umrii dargaggummaatti gadi bahee osoo mul'atee takkaan fayyadamummaa keenya qabatamaan akka mirkanaa'u taasisa. Lammatammoo eeggattummaan akka badu kan taasisu waan ta'eef dadhabne mudhukne osoo hinjedhiin dandeettii keenya hojiitti hiikuun murteessa ta'uu Dargaggoo Dursaa (Dj Duus) nikaasa.

Ganamuma fedhiifi mul'anni aartii keessasaa buluu kan kaasu Dj Duus, fuulasaa gara aartii Oromootti naannessuun aartii Oromoo Dirree Dhawaa beeksisuurra darbee madda galii dinagdeensaa itti jijjiiramu taasisuu danda'eera jedha.

Ayyaanonni gara garaa wayita jiran dhaabbilee adda addaa beeksisuu, yeroo jilli akka aruuzaafaa jiraatanis hojii Dj muuziqaa hojjechuun galii argachaa jira.

Kan barataniin qofa hojii argachuuf yaaluun umrii, xinsammuufi ga'umsa namaa fixa. Kun akka hinmudanneef yeroo dargaggummaatti kufanii ka'anii, ba'anii bu'anii muuxannoo keessa ofii jiru hojiitti jijjiiruun madda galii godhachuun barbaachisaadha.

Akkuma biiftuu jirtuu suksuku jedhamu umriin dargaggummaa yeroo itti muuxannoo qabnu hojiitti hiiknee dinagdeen itti guddannu; ofirra dabarree dhaloota nuduuba jiruuf waa olkeenyuudha.

Humnis beekumsis nidhuma. Kanaan walqabatee yoo yeroo dargaggummaa keenyaatti dinagdeedhaan of hin ijaarre galgalli keenyas ta'e kan dhaloota nuduuba jiruu balaa keessa waan seenuuf gamanumaa kana beeknee osoo biiftuun hinlixiin egereef galaa galaafachuu qabna.


Suurri: Daanyee Abarraatiin

Dargaggoonni hedduu baratanii eebbifamanii hojii barbaachaaf yeroo dhama'an argina, hojii barbaachi umrii namaa fixuu danda'a. Kun eenyumaafuu ifa. Haata'u garuu taa'anii hojii eeguurra dhama'anii ykn carraaqqatanii of jijjiiruun daran itti ulfaata.

Kanaafis sababa guddaa kan ta'e aadaa hojii qabnuudha kan jedhu Dargaggoo Dj Duus, miira tuffannaa hojii keessaa baanaan dinagdeen of ijaaruun salphaa ta'uu hima.

Dargaggummaan mataansaa qormaata guddaadha; nyaachuu, uffachuu, waan haaraa qabachuu, mana jireenyaa ijaarrachuu, maatii horachuufi kkf kan nama gaafatuudha. Kun akka milkaa'uufimmoo miira tuffannaa hojii keessaa baanee muuxannoofi dandeettii addaa kanamalees mul'ata nukeessa jirutti fayyadamnee of jijjiiruun dirqama keenya.

Fuunee mana ijaaruuf, ilmoo godhachuuf, dinagdeedhaan of ijaaruu qabna. Kanaaf akkuma biiftuu jirtuu suksuku jedhamu osoo rakkoo keessa hinseeniin carraaqqannee egeree jiruufi jireenya keenyaa miidhagasuun barbaachsaadha.

Aartiin keenya mataansaa muuziqaa Oromoo addunyaatti beeksisuurra darbee madda galii guddaa dinagdee keenya jijjiiruu danda'u ta'uu hubachuun barbaachisaadha.

Anis kanuma bu'uura godhee hojii aartii Oromoo beeksisuu, aruuzaawwan gara garaarrattis Dj ta'ee miidhagsuun tiiktookiin addunyaatti agarsiisuun galiikoo guddisaan jira jedha.

Ani hojjedhee itti milkaa'eera. Ammas irraa dhandhamaan jira. Dargaggoonni gara biroo hojidhabdummaan rakkataa jiranis mul'ata keessoosaanii jiru hojiitti hiikuuf carraaqu qabu jechuun gorsa.

Kan carraaqe bu'aa dhamaateesaa dhandhamuun hinoolu. Kanaafuu, yeroo humna qabnutti hojjennee egereef olkeewwachuun furmaata.

"Aartiin anaaf erga madda galii ta'ee oolee bubbuleera. kanamalees muuziqaa Oromoo addunyaatti baasee akkan beeksisu galiis akkan irraa argadhu nataasiseera. Kanaaf muuxannoo qabnu nuffii malee hojiitti yoo hiikne milkaa'uun akka danda'amu dargaggoonni beekuu qabu.

Kanaa achi ilaalchi kanuman baradhe qofaanan hojii barbaaddadha jedhu dandeettii keenya ganamaa nukeessa jiru waan miidhuu danda'uuf yeroo qabnutti fayyadamuun yeroo fiigulu qabnutti fiignee hojjechuun dirqama keenya ta'uu beekuu qabna.

Hamma humnakootti dargaggoota fedhii qaban simadhee hojii Dj'tiin muuxannoo akka horatan gochaan jira. Kanneen milkaa'anis jiru, dargaggoonni mul'ataafi muuxannoo keessasaanii jiru hojiitti hiikuuf waan hojjetamee maallaqa argamsiisu kamuu hojjechuun barbaachisaadha.

Keessumaa aartiin osoo kana caalaa xiyyeeffannoo argatee irratti hojjetamee galii guddaa qaba. Yuutuubii mataa kiyya banadheera. Sanarratti hojiilee mimmiidhagoo hojjedhee dinagdeekoo fooyyessaan jira. Ofirra darbees maatii kiyya gargaaruu danda'eera.

"Sochiin dargaggoonni dhuunfaan jireenyasaanii jijjiiruuf taasisan akkuma jirutti ta'ee osoo mootummaan deeggaramemmoo daran cima" jedha Dj Duus.

Akka magaalaa Dirree Dhawaatti hojiin bakka oolmaa dargaggootaa babal'isuu hojjetamaa jiru kan nama jajjabeessu ta'uus eeree, madda galiis ta'aa jiraachuu dubbata.

Dirreen magaalaa bareedduu naamoonni fagoo taa'anii ishee hawwan ta'uun walqabatee deeggarsa karaa bulchiinsa magaalaa taasifamaa jiru cinatti hojiilee sasalphaa uummachuun dinagdee keenya jijjiiruun ni danda'ama jedha.

Kantiibaan magaalattii bakka oolmaa ispoortii dargaggootaaf qopheessuun dargaggoonnimmoo gurmaa'anii maallaqa walitti buusuun dirree kubbaa qopheeffachuun takkaan bakka bashannanaa lammatammoo madda galii akka irraa argatan ta'aa jiru.

Kantiibaan magaalaa lafa dirree kubbaa ta'u dargaggoota gurmaa'aniif kenneerra. Isaanimmoo dirricha miidhagsuun warra kubbaa taphachuuf dhufanirraa sa'aatii tokkoon maallaqa hanga kuma tokkoo argataa jiru.

Jalqabbiin kun dargaggoota kan onnachiisu yoo ta'u, kanaa ol fayyadamoo ta'uuf humna qabaniifi daangaa umrii yeroo gabaabduu kana keessatti qaxalummaan hojjennee hawaasdinagdeen cimuun barbaachisaadha.

Yoo kun hintaane maatiifi biyyarratti ba'aa taana, kanaaf umrii dargaggummaatti kufnee kaanee, baanee buunee muuxannoo qabnu hojiitti hiikuun barbaachisaadha jedha Dj Duus .

Akkuma dirreen magaalaa miidhagduu taate hojidhabdummaan walqabatee dargaggoonni eeggattummaaf saaxilamaa jiran hedduu yoo ta'an araada hinmalleef saaxilamuunis jiraachuu kaasa.

Dargaggoonni araada hinmalleef saaxilamuu jechuun humni omishaa hubamuu jechuu waan ta'eef hojiin hubannoo uumuu kennamuu akka qabu eera. Har'a dargaggoonni osoo dandeettiifi muuxannoo addaa qabanii abdii kutannaan araada hinmalle keessa seenaan hedduu waan ta'aniif yaaddoo guddaadha.

Dargaggoonni kunniin yeroo fiiganii hojjetanii of jijjiiruu qabanitti sakaallaa araadaan qabaamuunsaanii takkaan hojjetanii akka hinjijjiiramne lammatammoo dinagdeen akka kufan, darbees biyyaaf abdii ta'uurraa gara yaaddoo ta'uutti seenuu akka danda'an taasifamu.

Kanaaf sochiin bakka oolmaa ispoortii babal'isuu eegalame cimuu qaba. Hojiin hubannoo uumuu dargaggootaaf karaa mootummaa kennamaa jirus miidiyaaleedhaan dabaalamuun dargaggeessi yaaddoo ta'uurraa wabii biyyaa ta'uutti akka ce'uuf hojjetamuu qaba.

Dargaggoota dinagdeen ilaalchaafi xinsammuun cimsuun hojii mootummaa qofa waan hintaaneef abbootiin qabeenyaas misoomawwan dargaggoota cimsuu danda'an magaalattiitti babal'isuun dargaggeessa biyyaafi maatiitti ba'aa ta'u osoo hintaane egeree dhalootaaf wabii ta'u horachuuf tumsuun barbaachisaadha.

Dargaggootaa, akkuma biiftuu jirtuu suksuku jedhamu yeroo humna qabnu kanatti isa baranne qofaan hojii barbaacha yeroo keenya gubuurra muuxannoo qabnutti fayyadamuun dinagdee ofiis kan maatii ofiis jijjiiruun waan danda'amuuf dammaquun barbaachisaadha.

Walumaagalatti dargaggummaan yeroo omishawaa hojjennee itti of jijjiiru waan ta'eef sochii mootummaan dargaggoota humneessuuf taasisu cinatti harka ilaaluu keessaa ba'uuf harka keenya sochoosuun bu'aa buusuun dirqama keenya.

## Sagantaa Inisheetivii Itoophiyaan haa...

Itoophiyaan haa omishtu hojiirra oolaa jira. Rakkoolee damee industirii furuun ce'umsa industirii barbaannu si'eessuuf sektaroonni garagaraa qindoominaan irratti hojjechaa jiraachuus eeraniiru.

Mootummaan dhiyeessa faayinaansii, lafaa, bu'uraalee misoomaa fooyyessuufi rakkoo hoggansaan walqabatanii damicharratti mul'atan furuuf xiyyeeffannaa guddaan hojjechaa jiraachuu himanii, humnaa gad omishuun, lafa invastimantiif fudhatanii utuu hinmisoomsin tursiisuun rakkoolee abbootiin qabeenyaa industirii furuu qaban ta'uus ibsaniiru.

Industiriiwwan sababa waraanaatiin hojii addaan kutanii turan 390 yeroo ammaa gara hojiitti deebi'uu himanii, sadarkaa biyyaatti koreen rakkoolee industiriiwwanii furuufi raawwiisaanii yeroo yeroon gamaaggamu hundaa'uufi kun mootummaan damee industiriif xiyyeeffannaa kennee hojjechaa jiraachuu kan agarsiisu ta'uus eeraniiru.

Abbootiin industirii saganticharratti hirmaatan gaafiifi yaada dhiyeessaniin tajaajilli eletirikii addaan cicciituun, hanqinni bu'uuraalee misoomaafi faayinaansii akkasumas keemikaalonni alaa bitamanii galaniifi omishaaleen industirii alatti ergaman daandiirra turuufi rakkoon nageenyaa rakkoolee guguddoo isaan mudata ta'uu himaniiru.

Akkasumas sadarkaa aanaafi godinaatti rakkoon bulchiinsa gaarii ammayyuu bal'inaan waan mul'atuuf mootummaan rakkoolee kunneen akka furuufiif gaafataniiru.

Obbo Ahmad Idris deebii kennaniin rakkoolee damee industirii manifaakchariingii mudatan sektarootta mootummaa dhimmichi ilaallatu waliin furuuf hojjechaa jiraachuu himaniiru. Abbootiin industirii sirriitti hojjechaa jiran kan jajjabeessan ta'uufi kanneen humnaa gad omishan humna guutuun akka omishaniif to'annoofi hordoffii cimaa akka taasisan eeraniiru.

Abbootiin qabeenyaa industirii hojjetootasaanii sirriitti qabachuu, leenjisuufi faayidaasaanii eegsisuu akka qabanis yaadachiisanii, hojjetaan amala addaa qabu karaa dhimma hojjetaafi hawaasummaatiin akka sirratu himaniiru.



*Obbo Taarraqany Bulultaa*



*Obbo Ahmad Idris*

Abbootiin qabeenyaa industirii gibira mootummaa sirriitti kaffaluu, omishaafi omishtummaa guddisuu, galii sharafa alaa omisha industiriirraa argamu guddisuu, omishaalee biyya alaatii galan kan biyya keessaatiin bakka buusuufi carraa hojii bal'aa uumuurratti xiyyeeffatanii hojjechuu akka qabanis yaadachiisaniiru.

Ministir De'eetaan Ministera Industirii Obbo Taarraqany Bulultaas gamasaaniin sagantichaan Oromiyaatti bu'aalee guguddoon galmaa'aa jiraachuu himanii, hoggansaafi kenniinsa tajaajilaarrattis fooyya'iinsi jiraachuufi qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin hanqinaalee mul'atan guutuurratti xiyyeeffatanii hojjechaa jiraachuus himaniiru.

Tajaajiloonni elektirikiifi gumrukiis akka fooyya'u ni taasifna jedhanii, rakkoo dhiyeessa faayinaansii furuufis hojjechaa jiraachuu eeraniiru.

## Gaaga'ama ongee Booranaa barsiifata haaraaf...

hindagatne buusee darbeera. Dacheefi samiin godinichaa ho'a hamaa gadilakkiseen loon miliyoonaan lakkaa'aman irbaata allaattii ta'aniiru.

Mootummaa naannichaa, ummanni Oromoofi kaan hanga danda'u Booranaaf birmataniiru. Rakkoon mudate humnaa ol ta'us beeyiladarraa kan hafe birmannaan lubbuu namaa baraaruu milkaa'eera.

Har'a garuu dacheen Booranaa magariisummaan godaannisa kaleessaa nama irraanfachiisu uffateera. Loon, gaalliifi re'ootni du'arraa baraaraman bifa hawwataa horatanii marga jilbaan rukataa keessa burraaqu.

Biiroon Jallisiifi Misooma Horsiisee Bulaa Oromiyaafi Biiroon Kominikeeshinii Oromiyaa pirojektii Finnaa godinichatti hojjetamaniifi hojjetamaa jiran ilaalchisee sagantaa daawwannaa hoggansaafi ogeessota miidiyaa Roobii darbe gaggeesseera.

Hogganaan Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa Obbo Hayiluu Addunyaa saganticharratti akka jedhanitti, gaaga'ama ongee mudatu maqsuuf pirojektota Finnaa 73 qarshii biliyoona 25 oliin akka naannootti hojjetamaa jiran keessaa 36 naannawa gammoojjiiwwan Oromiyaatti. Mootummaan ongee hamaa Boorana mudatee ture maqsuuf gama tokkoon lubbuu namaa gama kaaniin du'aatii loonii baraaruuf hojii bal'aa hojjetaa ture.

Ongeen mudate kan sanyii loon Booranaa lafarraa daguugu ture ta'us tattaaffii cimaa taasifameen deeggarsa mootummaa naannichaa cinatti tumsa hawaasni biyyattii taasiseen hanga danda'ametti loon kunneen baraaruun danda'ameera. Ammas rakkinicha hundeerraa furuuf hojiin hidha bishaanii pirojektota Finnaa milkaa'inaan goolabamaa jira.

Pirojektota Finnaa akka naannootti hojjetaman keessaa 15 Godina Booranaatti argamu. Pirojektonni kunneen bishaan dhugaatiif qofa osoo hintaane aadaa jallisii kanaan dura godinichatti yaalamee hinbeekneef ka'umsa ta'eera kan jedhan ammoo Hogganaa Ittaanaa Biiroo Misooma Jallisiifi Horsiisee Bulaa Oromiyaa Injiinar Alamuu Raggaasaati.

Rakkooleen hundi qormaata qofa hintaatu; addunyaa haaraas akka abuuuran nama kakaasa kan jedhan ammoo Bulchaa Ittaanaa Godinichaa Obbo Bariisoo Gannooti.

Kanaan dura godinichatti beeyilada horsiisuu malee hojiin qonnaa hangana baratamaa akka hinturre ibsanii; sababa ongee hamaan kallattii mootummaan kaa'een pirojektii Finnaatti fayyadamuun yeroo jalqabaatiif Aanaa Mooyyaleetti qofa boqqolloo kuntaala 240fi qamadii bonaa kuntaala 45 omishuun danda'amuu dubbataniiru. Ammaan booda Booranatti horsiisni beeyiladaafi qonni michuu adda hinbaane ta'uus ibsaniiru.

Horsiisni loonii kallattii mootummaan kaa'een karaa ammayyaawaa qofa ta'a jedhanii; ammaan tana bishaan pirojektii Finnaatiin margi tooniin kuma 75 lafa hektaara 280 irraa haamamee tuulamuu ibsaniiru.

Ongeen bara darbee rifaatuu guddaa uumuu bira darbee shaakala haaraaf ummata kakaaseera. Muuxannoo mootummaa bu'ureeffachuunis hojiin bishaan kuusuu bakka hedduutti hojiirra oolaa jira.

Beelli bara darbee omisha kuduraafi muduraa kanaan dura hin baratamne as baasee jira. Badii darbe kulkulfachuu osoo hintaane badii walfakkaatu injifachuuf barsiifataan ala sochii bal'aan taasifamaa jira.

## Misoomni koriidarii Finfinnee...

Finfinnee miidhagduufi jiraattotaaf mijooftuu taasisuuf bulchiinsi magaalattii haaluma filannoorratti waadaa galameen bu'uuraalee misoomaa haaraa karoorsee hojjechuufi kanneen dullooman haaressuun halkanii guyyaa hojjechaa jiraachuus eeraniiru.

Bu'uraalee misoomaa waggoota dheeraa lakkoofsisan ammayyeessuuf, haaressuufi fayyadamummaa haqaqabeessa jiraattotaa mirkaneessuuf misoomni koriidarii adeemsifamaa jiraachuu beeksisaniiru.

Hojiin Finfinneen magaalaa dippilomaasii, Afrikaa, magaalaa muummee Itoophiyaa, buufata dinagdeefi hawaasummaa ta'uushee madaalu hojjetamaa akka jirus dubbataniiru.

Kana keessaa misoomni koriidarii kan eeramuudha jedhanii, misoomichi kooriidariiwwan shananiin, manneen kuma shaniifi 135 kaasuufi bakkicha qulqulleessuun misoomaaf qophii gochuun danda'amuus ibsaniiru.

Hanga ammaatti kanneen misoomichaaf kaafaman harka 80 oliif beenyaa, mana jireenyaafi bakka hojii kennuun keessummeeffamaniiru jedhan.

Kanneen misoomaaf jecha kaafaman mannni jireenyaa fooyya'aa, lafti, beenyaan, bakki hojii, sheedonni, baasii geejjibaafi beenyaan hamilee kennamuufis eeraniiru.

Kana malees akkaataa qorannoo misooma koriidariitiin kanneen misoomsuu danda'aniif mirgi kennamee akkasumas manneen jireenyaa dhuunfaa kaafaman hamma mana ijaarratanitti baasiin kiraa manaa danda'amuufii ibsaniiru. Misoomicha halkanii guyyaa hojjechuun baatii sadii keessatti xumuruuf karoorfamuus dubbataniiru.

Misoomni kooriidaraa kun yeroo ammaa namoota kuma tokkoofi 485f hojii dhaabbataa, namoota kuma 13fi 784f carraa hojii yeroo walumaagala namoota kuma 15fi 269f carraa hojii uumuu Aadde Adaanach beeksisaniiru.

Ijaarsi misooma koriidarii kun oggaa xumuramu carraa hojii amma uumame caalaa harka 51 akka dabalu dubbatanii, hojicha tumsaan, qindoominaafi walhubachuun hatattamaafi qulqullinaan adeemsifamaa waan jiruuf biyya keenyaaf aadaa hojii haaraa uumeera jedhan.

Ministirri muummee doktar Abiyyi Ahimad Finfinnee fakkeenya badhaadhinaa gochuuf hojii hojjetamaa jiru kana yaada maddisiisuurraa hamma deeggarsaafi hordoffiitti gumaacha taasisaniifis galateeffataniiru.

Rakkoolee hojicharratti mudataniifi odeeffannoowwan dogoggoraa hatattamaan sirreessuufi hawaasni dhugaa jiru hubatee misoomicha akka deeggaru hojiin hojjetame kan jajamuudha jedhan.

**Manni marichaa qarshii biliyoona 2.8 beenyaa kaafamtoota misooma koriidariif ooluufi bajata dabalataa qarshii biiliyoona 21 raggaasiseera.**

## Biiroon Daldalaa Oromiyaa...

biirichi torbee sadii dura gareewwan ja'a hundeessuun magaalota Oromiyaa hundatti bobbaasuun qaamolee qooda fudhatan hunda waliin marii bal'aan gageeffameera. Hojii qophaa'inaa hanga ammaatti taasifameenis daldaltoota jumlaa, daldaltoota qinxaaboofi yuuniyeenota waliin marii bal'aan adeemsifameera. Marichaanis ejjennoo tokkorra ga'ameera.

Ittaansuudhaan gabaa sanbataa 282 hundeeffamanii tajaajila kennaa jiran babal'isuufi haala omishaaleen qonnaafi industirii daldaltoota qaqqabee tajaajila kennaa jiran irraa sumuudni gabaa garee bobba'een fudhatamee ilaalamuus daarektarichi eeraniiru. Tajaajila kennamu kanaaf ga'een qooda fudhattootaafi dirqamni maal akka ta'e adda baasuun sirna qabeessa taasisuuf hojii bal'aan hojjetamuus ibsaniiru.

Haaluma kanaan omishi qulqullinaafi baay'ina qabu jiraachuu garichi qulqulleeffachuu eeranii; bu'aa inisheetiivii qonna magaalaarraa lukkuu miliyoona 2 ol, killee miliyoona 10, kuduraafi muduraawwan adda addaa kuntaala kuma 150fi beeyilada qalmaa adda addaa (hoolaa, re'eefi sangaa) waliigalaan kuma 500 gabaaf dhiyeessuuf qophiin taasifameera.

Kana cinatti mootummaan shukkaarri kuntaala kuma 20fi 400 kan dhiyaatu ta'ee mootummaa federaalaatiin daldaltoota daldalli 'firaankoo vaalutaan' eeyyamameefiin zayitiin, sukkaarri, daakuun ashuuraan alaa galchanii gatii madaalawaan ummata akka qaqqabuuf waliin hojjechaa jiraachuu himanii; hordoffiifi to'annoon eegalame cimee akka ittifufu ibsaniiru.

Pirezdaantiin Mana Marii Daldaltoota Finfinneefi Naannawaashii Obbo Eliyaas Guyyoo gamasaaniin akka jedhanitti, manni marichaa gabaa ayyaana Faasikaa baranaa sababeeffachuun qaala'iinsa gatii omishaalee ittisuuf qindoominaan hojjechaa jira.

Akka ibsasaaniitti, gatiin omishaalee gabaa ayyaana torbee kanaaf dhibbantaa 10 hanga 20tti hir'isuuf qaamolee dhimmisaa ilaallatu waliin qindoominaan hojjetamaa jira. Balbalawwan shanan Finfinneen qabdurratti baazaariin daldaltootni omishaalee ittidhiyeessan qophaa'ee hojii eegaleera. Daldala seeraan alaa to'achufis hordoffiifi to'annoon cimee ittifufa.

Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Koyyee Faccee, naannawaa Masqalanyaa jedhamutti bakka baazaariif qophaa'etti kan daldalan Aadde Haannaa Mitikkuu gatiin shunkurtii torbee lama dura ture gad bu'aa jiraachuu himaniiru. Isaan shinkurtii kiiloo tokkoo qarshii 70 osoo gurguraa jiranii Wiixatarraa eegalee shinkurtii kiiloon tokkoo qarshii 60tti gad bu'uu himanii; sababiin gatiin gadi bu'eefis gabaa ayyaanaaf jecha omishni baay'inaan galaa jiraachuu ibsaniiru. Killeennis qarshii sagaliin gurguramaa jira jedhan.

## Oromiyaatti jijjiiramaa as barnoota...

5.7f nyaanni dhiyaachaa jiraachuunis ibsameera.

Hogganaan biirichaa Doktar Tolaa Bariisoo gaafdeebii Roobii darbe Gaazexaa Bariisaa wajjin taasisaniin akka jedhanitti, Oromiyaatti bara jijjiiramaa irraa eegalee hojii baruufi barsiisuuf cimsuuf qarshii biliyoonni 106 ol ta'u hojiirra ooleera. Qarshii biliyoonni 100 ol hirmaannaa ummataatiin, biliyoonni jaha mootummaadhaan gumaachame.

Imaammanni barnootaa jijjiirama dura ture ijoolleen kutaa 1ffaa hanga 4ffaatti baratan barreessuufi dubbisuu akka hindandeenye taasiseera. Rakkoo kana hundeerraa furuuf mootummaan naannichaa imaammata barnoota haaraa sagantaa barnoota bu'uura boruu hammate qopheessuun hawaasa waliin ta'uun hojii bal'aan hojjetameera jechuun ibsaniiru.

Hawaasni rakkoo barattootasaa hubachuun hirmaannaa tajaajila lammummaa taasiseen hojiileen misooma barnootaa milkaa'ina qaban hojjetamaa jiraachuus hoggantichi eeraniiru.

Waggoota jijjiirama darbanitti ummatni tajaajila lammummaatiin manneen barnootaa bu'uura boruu kuma 15fi 58 ijaaruun barattootni miliyoona 1.8 ittibarachaa jiru. Daree barnootaa kuma 34 ijaaruun, kitaabilee barnootaa miliyoona 5 sassaabuun danda'ameera jedhanii, baadiyyaattis manneen jireenyaa barsiisota kuma shan ijaaramuufi nyaata barattoota miliyoona 5.7f dhiyaachaa jiru dabalatee qarshii biliyoona 100 caalu ummataan kan gumaachame ta'uu ibsaniiru.

Haaluma walfakkaatuun manneen bultii addaa torba, manneen barnootaa ifa boruu 100fi manneen barnootaa addaa 33 qarshii biliyoona jahaan mootummaadhaan ijaaramaniiru. Kanneen keessaa manneen barnootaa bultii addaa yuunivarsitii naannawaasaanii jiran waliin walitti hidhatiinsa uumuun raawwatamaa jiru. Manneen barnootaa kunneen haala qabatamaa naannichaa giddugaleessa godhachuun Najjoo, Baddallee, Amboo, Yaa'aballoo, Nagallee, Dodolaafi Maayaatti ijaaramanii hojjiin baruu barsiisuu ittigeggeffamaa jira.

Barnoota, dinagdeefi ijaarsi sirna sabboonummaa Oromoo cimsuuf barbaachisaa ta'uu himanii; kana milkeessuufis barnootni shoora olaana qabaachuu Doktar Tolaan eeraniiru. Kanaafis uwwisi barnoota lammii hundaa akka qaqqabuuf xiyyeffannaan hojjetamaa jira jedhaniiru.

Bu'uura kanaan yeroo ammaa barattootni miliyoona 11.6 barachaa akka jiraniifi uwwisni barnootaa babal'achuun walqabatee lakkoofsi barsiisotaa dabaluu eeraniiru.

Istaandardii mana barumsaa, dandeettii barsiisotaafi qabxiin barataa gadbu'uun, barattootni hanga kutaa 1ffaa-4ffaatti baratan barreessuufi dubbisuu dadhabuun rakkoo ture. Akkasumas lakkoofsi barataa waggaa waggaan hanga miliyoona 1.4n dabaluufi hanqinnii dhiyeessii meeshaalee barnootaa bu'aa ba'ii hojii barnoota naannichaa keessa darbame ture jechuun himaniru.

**Gaafdeebii Doktar Tolaan Gaazexaa Bariisaa wajjin taasisan guutuusaa fuula Mijuurraa argattu.**

# Ispoortii BARIISAA

Tashoomaa Qadiidaatiin

## Istaadiyeemii Intarnaashinaalii Aqaaqii:

Miseensonni jila Ispoortii aadaa naannawaa biyya keenyaa mara irraa walitti dhufan turtiisaanii Finfinneen tattaaffii duudhaalee keenya gaarii ijaaruuf taasisaniif nigalateeffanna.

Jilichi iddoo oolmaa ispoortiifi giddugala ijaarsa namummaa dargaggootaa hundeessuudhaan dargaggoonni kennaa dandeetti addaa qaban mul'ata isaanii waliin walqunnamsiisuu kan dandeessisu hojiilee ijaarsa dhalootaa keenyaafi deemsa dorgommii ispoortii idiladdunyaaf hojjachaa kan jirru Istaadiyeemii Intarnaashinaalii Aqaaqii daawwataniiru.




*Waaqni Itoophiyaafi ummatashee haa eebbisu*



*Adaanach Abeebee*
*(Kantiibaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee)*

# Torbee injifannoo atileetota keenyaa




*Atileet Qananiisaa Baqqalaa*

**Finfinnee**: Dorgommiiwwan atileetiksi torban kana biyyoota adda addaatti adeemsifamanitti atileetonni keenya injifannoo olaanaa gonfataniiru.

Dorgommii maaraatonii Ostiriyaa, Magaalaa Veenaatti adeemsifameen Dhiiran atileeti Caalaa Raggaasaa sa'aatii 2:06.35n tokkoffaa ba'un mo'ateera.

Fiigicha meetira kuma shaniin Keeniyaatti dubartota gidduutti adeemsifameen Maartaa Alamaayyoo tokkoffaa, Lamlam Nibrat sadaffaa, dhiiraan ammoo Abdiisaa Fayyisaa tokkoffaa bahuun mo'ataniiru.

Dorgommii Liigii Daayimandii kiiloo meetira shaniin Chaayinaatti adeemsifameen atileeti Lammeechaa Girmaa tokkoffaa bahuun mo'ateera.

Fiigicha maaraatonii dubartoota jidduutti Landanitti adeemsifameen Tigisti Asaffaa sa'aatii 2:16.23 lammaffaa ba'uun meedaaliyaa meetii argatteetti.

Gootichi olompikii, shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaafi dorgommii qaxxaamura biyyaa Addunyaa Qananiisaa Baqqalaa fiigicha maaraatoonii yeroo 44ffaaf Ingiliz, Magaalaa Landanitti adeemsifamerratti sa'aatii 2:04.15n xumuree lammaffaa ba'uun ni yaadatama.

Seenaa fiigicha maaraatoonii keessatti atileetiin tokko umriisaa 41n sa'aatii kana galmeessisee lammaffaa yoo bahu Qananiisaan kan jalqabaati.

Fiigicha maaraatonii Landan kanarratti atileetonni addunyaarratti beekamtii qaban kan hirmaatan yoo ta'u, Qananiisaan dargaggoota of duuba hiriirsee mo'achunsaa ciminasaa daran kan agarsiisuudha jedhamuun Waldaa Federeeshinii Atileetiksii Addunyaatiin dinqisiifameera.

Qananiisaan dargaggummaa isaarraa kaasee Itoophiyaa bakka bu'uudhaan dorgommiiwwan biyyooleessaa adda addaarratti hirmaachuudhaan meedaaliyaa heddu argateera.

Keessumattuu olompikii Ateens kan ALA bara 2004 Girikitti adeemsifametti fiigicha meetira kuma kudhaniin meedaaliyaa warqii, kuma shaniin ammoo nahaasa argateera. ALA bara 2008 Olompikii Beejiing, Chaayinaatti adeemsifametti fiigicha meetira kuma kudhaniifi kuma shaniin meedaaliyaa warqii lama argateera. Injifannoon isaa kun ammoo Miruts Yifxaritti aanees olompikii tokkotti meedaaliyaawwan warqii lama argachusaatti Itoophiyaas ta'u Afrikaarraa atileeta duraas isa taasiseera. ALA bara 2012 olompikii Landanitti adeemsifametti quxusuusaa Taarikuu Baqqalaatti aanee 4ffaa ba'un cimina olompikiirratti qabus agarsiiseera.

Mootii Dorgommii qaxxaamura biyyoolessaa jedhamuudhaan kan moggaafame Qananiisaan dorgommii kiiloo meetira 12fi kiiloo meetira afuritti walumaa galatti meedaaliyaa warqii 16 mormatti keewwachuudhaan addunyaarraa atileeta duraati.

Akkasumas shaampiyoonaa atileetiksii Addunyaatti dhiiraan meedaaliyaa warqii shaniifi meetii tokko walumaa galatti fiigicha meetira kuma 10niin kuma shaniin meedaaliyaawwan jaha argachuudhaan kan duraa isa taasisa.

Taphawwan Afrikaa Guutuufi shaampiyoonaa atileetiksii Afrikaarratti hirmaachuudhaan fiigicha meetira kuma shaniifi kuma 10 mo'achuudhaan seenaa olaanaa galmeessiseera.

Qananiisaa Baqqalaa fulasaa gara maaraatonnitti gara galfachuudhaan dorgommiiwwan Maaraatoonii biyyoolessaa kanneen magaalota guguddoo biyyoota adda addaarratti hirmaachuudhaan mo'annaatti dabalee riikordii addunyaa fooyyessuudhaan atileetii beekamaa addunyaa ta'uun galmaa'era.

Fakkenyaaf maaraatoonii Niwuyorkii, Fukukaa, Bostan, Shangaay, Paaris, Barliin akkasumas maaraatoonii Landanitti yeroo baay'ee hirmaachuusaa malee iddoowwan irratti hirmaate kanneenitti qabxii galmeessuun beekama.

Gootichi kun ammas biyya haadhasaa Itoophiyaa bakka bu'uuf miiniimaa Olompikii Paaris kan barana Faransaayitti adeemsifamuf dorgommii maaraatooni Landanitti taasifatetti umrii 41tti lammaffaa ba'uun ciminasaa agarsiiseera. Kanaafuu Olompikii Paarisiif atileetota Itoophiyaa bakka bu'uuf kaadhimaman keessaa tokko ta'uun galmaa'eera.

# Buunyaa: Akaakuu ispoortii Itoophiyaatti xiyyeeffannaa fedhu

**Finifinnee:** Afrikaa Kibbaa, magaalaa Darbaanitti dorgommii yaadannoo pirezidaantii duraanii biyyattii, Maandeellaaf qophaa'erratti hirmaachuudhaan Kibxata darbe gara biyyaatti kan deebi'e jila Buunyaa Itoophiyaaf simannaan taasifameera.

Dorgommii Ebla 8 hanga 13 bara 2016tti adeemsifame kanarratti gareen Buunyaa Itoophiyaa meedaaliyaa jaha argateera.

Dorgommii korniyaawwan lamaaniinuu adeemsifame kanarratti dubaraan Beetaliheem Gazaahanyiifi Roomaan Asaffaa, dhiiraan ammoo Tamasgeen Mitikkuu meedaaliyaa meetii yoo argatan, Suraafeel Alaayyuufi Miiliyoon Caafoo dhiiraan, Beetel Walduu ammoo dubaraan meedaaliyaa nahaasaa argataniiru.

Ulfaatina kiiloo giraama 66 dubartootaatiin meedaaliyaa meetii kan argatte Beetel Walduu yaada Gaazexaa Bariisaatiif kenniteen dorgommichi daran cimaadha. Qilleensi magaalaa Darbaan ulfaataadha. Ta'us qabxiidhaan mo'ame lammaffaa ta'uun biyya tiyyaaf meedaaliyaa meetii fiduu kiyyatti gammadeera jetti.

"Taphawwan Guutuu Afrikaa barana Gaanaa, Akiraatti adeemsifametti Itoophiyaa bakka bu'uun hirmaadhee meedaaliyaa warqii fiduun kiyya kan yaadatamuudha. Yeroo gabaabaa keesatti dorgommii kanatti meedaaliyaa meetii argachuu kiyyatti hingaabbu" jetti.

Kaayyoon kiyya Olompikii Paariisirratti hirmaadhee meedaaliyaa argachuudha kan jettu Beetaliheem, miiniimaa Olompikii guuttachuuf dorgommii torban lama booda Taayilaanditti adeemsifamuf qophii akka taasistus addeessiteetti. Simannicharratti kan argaman Barreessaan Konfedereeshinii Buunyaa Afrikaa Obbo Bililliny Maqoyyaas gamasaaniin, Itoophiyaatti laafaa kan jiru ispoortiin Buunyaa iddoosaa duriitti akka deebi'uuf hunduu utubuu qaba jedhan.




*Wayita simannaan taasifametti*

Kanaan dura Taphawwan Guutuu Afrikaa, shaampiyoonaa buunyaa Afrikaafi shaampiyoonaa buunyaa kilaboota Afrikaarratti hirmaachuudhaan meedaaliyaa argachaa kan turan ispoorteessitoonni Itoophiyaa yeroo dhihoodhaa as dirree kanarraa fagaachuusaaniitti nigaabbina jedhan.

Konfedereeshiniin Buunyaa Afrikaa hanga humnisaa federeeshinicha maddii dhaabachuudhaan gargaarsa barbaachisu gochuuf qophaa'aa ta'uus muldhisaniiru.

Obbo Bililliny dhiyeenya kana filannoo miseensota koree hoji raawwachiiftuu Konfedereeshinii Buunyaa Afrikaa taasifameen Itoophiyaa bakka bu'uudhaan dorgomanii sagalee guutuudhaan barreessaa konfedereeshininchaa ta'anii filatamuunsaanii ni yaadatama.